Safuun bulmaata waliigaltee ummataati. Kan hawaasni gochi kun salphina, qaanii, badii, fafa, aadmalee dha jedhee irratti walii galee amanee, offitti fudhatee murtii ofii murteefatu dha. Safuun gocha dha. Gocha hawaasa biratti fudhatama hin qabnee dha. Gocha kabajas hin qabnee dha. Kan aadaa hawaasaa keessa hin jirree dha. Kanaaf safuu hin dalaginaa safuun gocha badiiti. Gaaf safuu dalagdan gaaf soba dugdatti baattanii deemtan ifti isinitti dukkanoofti. Miila dhugaatiin kaadhaa miila sobaatiin yoo kaattan riqichi dhugaan dhaabbate isin jalaa cita. Addunyaan irra jiraattan, isiniin finqilti, isin quuqxi. Hama hin roobsinaa akka nama suusii, buna qabuu hamaaf hamoommattu. Balbala sobni bahuuf tattaafatu furtuu dhugaatiin cufaa. Dhugaa hin jallisinaa dhugaan gaafa hidda godhate isin saaxiluun mala. Ragaa sobaan walii mormuu dhiisaa gaaf sobaan kakattan dhugaan isin salphisa. Safuu namarratti hin yaadinaa, shira namarratti hin xaxinaa, badii namaaf hin hawwinaa, gaaf kana raawwattan milkiin keessan dhagaa taati. Hireen keessan gabaabbachaa dhufti. Imimmaan jaalala jalaa cal'isuu, obsuudha Walii obsaa irra walii darbaa, soba maseensaa garaa walii laafaa gaaf garaa walii laaftan, gaaf wal bukkee dhaabbatan. Umrii harraagessaa argattu. Gurra keessan dhugaa qofaaf banaa. Kanaaf faana dhugaatiin yoo imaltan gocha safuu to'annaa jala oolchuu dandeessu gochi safuus isin jalaa baqatti. Gaaf kana safuun ni kiyyeefamti. Kanaaf safuu hin dalaginaa, ilaa baddan warri safuu dalagdan! Dafaa maladhaa! Yaa safuu! Barreessicha.

Addunyaa tana irratti sabni hunduu eenyummaa mataa isaa qaba. Eenyummaan saba tokkoo afaan, duudhaa, safuu, fi sona isaatiin mul'ata. Kana waan ta'eef sabni kamiiyyuu eenyummaan isaa akka jalaa badu hin fedhu. Kanaaf yoo eenyummaa isaa balleessuuf itti aggaaman. Wareegama barbaachisaa hundaa kaffalee eenyummaa ofi kabachiisa. Beektonni, hayyootnii fi namni saba isaatiif quuqamu hundi shoora irraa eeggamu kallattii ogummaa isaatiin qooda fudhata. Haaluma kanaan barata kutaa 11 kan ta'e, Muhaaddiin Hasan quuqama saba isaatiif qaburraa kan ka'e kitaaba "Safuu Kiyyeefamte" jedhamtu tana qopheessuun cimina irraa mul'atu dha. Fuuldura dhimma oromoo fi oromummaa irratti kana caalaa akka nuuf gumaachu abdii irraa qaba.

Huseen Badhaasoo Nama Milkii (Ogeessa Afaan fi Ogbarruu) (MA)

Oromoon safuun bula, Safuu eeggata, safuu dabarfata, Safuu jechuun gocha fudhama hin qabne dha. Fkn Dubartiin takka bargaanfattee hin dhaabbattu. Surree kophaa isaa hin kaawwattu, hanga heerumtutti durbummaa ishii eeggattee turuu qabdi. Kanneen akka armaan olitti kaa'aman eeggamuu yoo baatan safuun cabe jechuudha. Safuun cabuun ammoo, jireenya hawaasummaa irratti dhiibbaa inni fidu waan salphaa miti. Kanaaf oromoon safuu cabde jedhee cal'isee kan ilaalu osoo hin taane babal'atee badii guddaa osoo hin geessin karatti deebisa, safuu raawwatamteef furmaata laata. Kana ta'uu yoo baate jireenya hawaasummaatu bada. Waaqatu namatti rifata. Ollaatu namatti duula, jireenyatu namatti hadhaawa. Kana irraa kan ka'e hawaasa oromoo biratti safuu raawwatamte, ta jallatte karaatti deebisuuf ykn qajeelchuuf safuutu dirqisiisa. Duudhaa hawaasa keessa jiru aadaa, safuu bulmaata nuuf ifa baasee, badii irraa akka barannu nuuf balballoomsee gadi fageenyaan fi bilchina sammuutiin xiinxalee, haala nama barsiisuun umrii kanaan nuuf gumaacheera. Yaa Muhaaddiin ati nuuf jaabadhu. Kaayyoo kee galmaan gahadhu. Daandii milkaa'inaa irra imali. Qalamni kee burqitee, isa itti aanu nuu haa agarsiisuun hawwii kooti.

Bashiir Ibraahiim Godaanaa(Ogeessa Afaan fi Ogbarruu)(MA)

Qar,45 / $ 50

Mana Maxaansa Nuur 0900262636 / Asallaa

Muhaaddiin Hasan Godaanaa

SAFUU KIYYEEFAMTE

SAFUU
Kiyyeefamte

Muhaaddiin Hasan Godaanaa
Arsii Asallaa Oromiya
Caamsaa 2012

SAFUU KIYYEEFAMTE

ASOOSAMA

Maxxansa 1ffaa Caamsaa 2012/2020

Maxxansa 2ffaa Sadaasa 2014/2021

MUHAADDIIN HASAN GODAANAA

ARSII ASALLAA; OROMIYAA

CAAMSAA 2012/ 2020

Copyrighting Muhaaddiin Hasan Godaanaa

Kitaaba kana eeyyama barreessaatiin ala maxxansiisuus ta'e, raabsuun seeraan nama gaafachiisa. Mirgi hunduu seeraan eeggamaadha.

Gulaaltota

1 Huseen Badhaasoo Nama Milkii (Barsiisaa Oogbarruu Afaan Oromoo fi Barreessaa (MA)

2 Bashiir Ibraahim Godaanaa (Barsiisaa Oogbarruu Afaan Oromoo (MA)

Gumaata Yaada Keessaniif lakk bilbilaa 0938092292

0993985509

GALATA

Abbaa Galataa! Waaqa hunda keenya uumee dha. Galanni isaaf haa ta’u. Itti aansuudhaan ammoo yeroo isaanii kennanii dadhabne, nuffine osoo hin jenne kan naaf gulaalan. **Obbo Huseen Badhaasoo fi Obbo Bashiir Ibraahiim** galata guddaa na biraa qabu. Dabalees maatii koo hunduma isaanii bu’aa ba'ii hedduu na waliin arganiif, hunduma isaanii umrii dheeraa isaaniif hawwa. Maal kana qofa golga kitaabichaa haala akkas bareeduun, gabaabumatti akka inni ergaa dabarsu kan naaf dalage **Maaliik Muhaammad** jedhama; galata argadhu jedhan. Dabalees ka an bilbila koo irratti barreesse gara koompitaraatti naaf jijjiiree naaf dalage Nuuraddiin Edoo innis galata guddaa ana biraa qaba. Dhumarratti firoota, hiriyyoota koo na jajjabeessaa na cinaa dhaabbattan hundi keessan isin galateefachuu fedha.

YAADANNOO

Kitaabni koo qabsaa'ota fi gootota keenya akkasumas qeerroo fi qarree qabsoo keessatti lubbuun isaanii addunyaa kanarraa boqateef haa ta'u. Maal kana qofa kan achi buuteen isaanii dhabaman. Kan qabsoo keessatti dhiigni isaanii dhangala'ee, lafeen isaanii caccabe, kan lubbuun isaanii gumaa dhabe akkasumas kan ajjeefamaniif haa ta'u. Dhumarratti yaadannoon kitaabichaa namoota sababa dhibee **kooviid 19** liin lubbuun isaanii addunyaa kanarraa darbeef haa ta'u.

DHAAMSA

Dhaamsi koo isaan dur uummata keenya yeroo dheeraaf nu gabroomsaa turan, gocha safuu gara garaa nurratti raawwachaa turan sun hin dagatamu. Lammiiwwan keenya dhiiga lolaasaa shamarran keenya gudeedaa, haadha ulfaa ajjeesaa, hidhaaf reebichas dabalatee gocha ilma namaaf hin malle kan nurratti raawwachaa turan. Lammiin koo yoom sarme re. Lubbuu itti laataa, dhiiga itti lolaasaa, aarsaa itti kaffalaa as geenye. Yoom as geenye akka salphaatti. **Qaccee** koo seenaa jabaa qabna. Seenaa kana sirritti qabannee, dhaloota dhufu dhaalchifnee, kaayyoo gootota keenyaas akka hin gufanne jaalalaaf tokkummaan, harka wal qabannee, galmaan gahuu qabna hundumaa jabaannee. Safuu, duudhaa fi sona qabna. Aadaa qabnu dagaagfannee, obsas qabaannee, haqa tiksaa, nama walitti araarsaa, gocha safuurraa fagaannee, jaalala kanniisaa qabaannee haa jiraannu. Qomoo koo xiqqaan guddaa kabajaa, tokkummaa jabeessaa, iccitii walii eegaa haa jiraannu.

Anis otoo dandeettii koo hin tuffatin tattaaffii koo cimsee, maaliif ergaa tokko lammii kootiif hin gumaachine kan jedhu, bifa barreefamaatiin osoo hin tuffatin kunoo kitaaba koo jalqabaa, yeroo dheeraaf kitaaba barreessuuf dhebochaa ture; dheebuu sana bahee kitaaba asoosama jireenya dhugaa akeeku, kalaqa koo mata dureen isaa **SAFUU KIYYEEFAMTE!** jedhu qabadhee as isini bahe. Dubbisa gaarii isiniin jechaa, wanta irraa maqsee hundaaf dogongora irraa na'oofkalchaan dhaamsa dhumaa kooti.

HUBACHIISA

Kitaabni asoosama **"SAFUU KIYYEEFAMTE"** jedhu kun kalaqa barreesichaa ta'uu akka hubattan. Akeektuu jireenya dhugaa irratti xiyyeefatamee bifa barruu asoosamaa mijaa'uun qindaa'ee kan barraa'eedha.

BOQONNAA TOKKO

Daandii keenyatti balfa haraa, dhoqqee keessaan qoree nu waraansisu. Koree nurratti qindeessaa qoree nutti ta'anii nu waraanu. Coba waraansa keenyaa nu jalaa dhabamsiisaa, sagalee keenya ukkaamsu. Madaan keenya hin qoorre. Cilee bishaan buute nu taasisaa, otoo wal hammannee jiraannu wal nu hamachiisan. Nurratti dhiichisaa, malaan ilkaan nutti qaraa hidhii nyaatu. Bara imimmaan harcaasaa, garaa ofii booressaa, keessa ofiitti aadan. Bara hancufa liqimsuun hammaate. Bara mirga namoomaa namarraa mulqan. Gadadoon hammaatee yeroo gadoo itti kuusan. Iccitii garaa keettii qabattee gaafa dubbii himuu diddu carraan kee ukkaamfamtee fannifamuu. Fannifamtee dararamuu; dararamtee ajjeefamuu; ajjeefamtee kabaja awwaalaa dhabuu. Saba keetiif quuqamtee falminaan hireen kee gara boollaa. Malaan nutti fayyadamaa ija boochisuuf funyaan rukutu, harka irraa dhoorkaa. Gola hunda waliin gahan. Silaa dhukkubni funyaan qabe way hidhii hanqataa laata. Abbaa irreef bara mijataa. Bara mataa ol qabachuu saalfatan. Ajajamuu malee, bara ajajuun sodaa. Bara haasaa namaa keessaa mammaaksi kun hin dhabamne. "Baraaf furguuggee gad jedhanii jala darbu". Bara dararaan daraare. Woqtii akka malee, afaan bishaan nama dide. Yeroo reebichi hammaatee dirmammuu lakkaa'an.

Bara sana ture. Bara kudha sagal afurtamoota keessa. Bara dirqiidhaan manaa nama fuudhaa, nama hidhachiisaa gara chaartara dirree hoomaa waraanaa nama geessan. Bara dirreen hoomaa waraanaa ofitti nama simatu. Bara cabdee miilattus dirqamaan hidhattu. Bara sana ture. **Barri 1946** kun nama kanaaf milkii gaarii akeeka. Nama kanaaf barri kun carra qabeessa dha. **Jiini gurraandhala 21** (digdamii tokko) ji'a gurra keenya irraa waan milkii dhageenyuudha. Guyyaan kibxata ganama. Bariin guyyaa har'aa kun taatee hedduu keessummeessa. Kibxanni har'aa kun loltuu cimaa, loltuu sodaatamaa, loltuu haqaa, loltuu beekaa kan ta'e nama Qaabatoo Heeyyii jedhamu dirree hoomaa waraanaatii simannaa hoo'aan gadi dhiise. raajiidha! Simannaan hoo'aan Qaabatoo Heeyyii gadi dhiise kun akka salphaattii miti. Qaabatoon gocha mootummaa Hayila Sillaasee kana taajjabuudhaan gabrummaa uummataa, hacuuccaa, gidiraa, hidhaa, ajjeechaa ummataa, ija dhugaatiin ilaalaa dararaa fi gidiraa gara garaa gurra dhugaatiin dhagahaa akkamitti oolee bulu. Ijji isaa imimmaan dhangalaafti. Gurri isaa qilleensa hamaa dhagaha. Garaan isaa madaa'eera quuqama saba isaatiif jecha.

Yaaddoo cimaa keessa seeneera. Gochi suukaneessaan adeemamaa jiru kun Qaabatoo Heeyyii cimsee isa dallansiiseera. Gabrummaa kana ilaalaa fedhiin hojii isaa baay'ee xinnaataa dhufteetti. Hojii kana dhaabuun barbaada jechuun of qopheessee kutannoon of kaaseera. Qaabatoon dhoksaadhaan chaartara keessaa to'annaa humna mootummaa isaanii jalaa miliqee bahe. Qaabatoon Heeyyii kan dhalate Godina Arsii Aanaa Zuwaay Dugda'aa Ganda **Araaxaa Cufaa** jedhamtee waamamtu keessatti dhalate. Qaabatoonis guddatee umriin isaa **16** yammuu ta'u gara dirree hoomaa waraanaa deeme. Yeroo san fedhiin osoo hin taane dirqamaan gara dirree hoomaa waraanaa deemu. Yeroon kun yeroo mootummaa Hayila Sillaaseeti. Innis yeroo sana keessa deeme. Qaabatoonis mootummaa Hayila Sillaaseetiif waggaa **24** ciminaan tajaajileera. Yeroon inni waraanatti makame, akkuma mootummaan Hayila Sillaaseen aangoo mootummaa bulchaa ture irraa harkatti galfateen. Qaabatoon hiriyyaa isaa, yeroo dheeraaf dirree hoomaa waraanaa chaartara tokko keessa wajjiin ture, loltuu maqaan isaa Abdoo Dubbataa jedhamu mootummaan Hayila Sillaasee Qaabatoo biraa nama kana shira itti xaxee lubbuu isaa addunyaa kanarraa dhabamsiise. Qaabatoonis "Anas ni ajjeesu, koos kanuma jechuun to'annaa isaanii jalaa miliquun of baraare.

Qaabatoon erga waggaa 24 **(Digdamii Afur)** ciminaan mootummaa Hayila Sillaaseetiif tajaajile booda dhoksaan gara biyyaa deebi'e. Osoo gara biyyaa deebi’aa jiru biyya baay’ee qaxxaamuree, magaalaa Asallaa gaha. Akkuma magaalaa Asallaa gaheen harka isaa lamaan samiitti ol qabe. Akkas jechuun rabbiif galata galcha. " Yaa rabbii!, yaa uumaa! galanni kan keeti, Mootummaa nama dhabamsiisaa kana jalaa na miliqsitee, nagaadhaan biyya kootti na deebifte. Uumaa koo galanni siif haa ta'u jedhee galata rabbiif galche. Akkuma waaqa galateefateen imala isaa gara Godina Arsii Aanaa Xiyyoo naannawa Goljaa jedhamtu magaalaa Asallaa irraa kiiloo meetira **km 36.1** kan fagaattu sanatti imale. Obboleessi isaa naannawa sanitti bultii godhatee achi waan jiraatuuf. Qaabatoonis obboleessa koo gaafadhee achumarraan gara biyyaa itti dhaladhe deema jedhe. Achi gahe. Obboleessa isaa maqaan isaa Kadiir Heeyyii jedhama. Wal arganii nagaa wal gaafatan.

Qaabatoo: "Akkam obboleessa koo"

Kadiir: " Jirra akkam ati"

Qaabatoo: " Jirra galata rabbii"

Kadiir: " Baga nagaadhaan nuuf galte "

Qaabatoo: " Amiin"

Obboleessi isaa Kadiiris ollaa isaa bitaa mirgaa walitti yaasee qaleefii simannaa hoo’aan Qaabatoo simate. Simachuu qofa seetuu, hawaasni naannawaas nama yeroo dheeraaf biyyaaf tajaajile kana harka duuwwaa hin gaggeesinu jechuun intala safuu, duudhaa aadaa ofii beektu ishee Magartuu Barii jedhamtu seera godhaniifii aadaa qabaniin heera oromtichaatiin kennaniif. Qaabatoon erga Magartuu kennaniif booda, qabatee biyya itti dhalateen gale. Maarree! Hawaasni naannawa Araaxaas Qaabatoon dirree hoomaa waraanaatii dhufuu dhagahanii, wal dhageesisanii, yaa’anii simannaa hoo’aan walitti yaa'anii simatan. Hawaasnis walta'eetiniin walitti yaa'ee, walgargaaranii mana haaraa tokkos ijaaraniif. Akkasumas mi'a gara garaa dabalatee meeshaalee mana keessa tajaajilan fa'as hunda isaa guutaniifii kennaniif. Qaabatoonis Magartuu qabatee mana haaraa ijaaraniif sanatti galeen. Biiftuun ganama baate dacheef ifaa ooltee dhiitteetti. Guyyichi sun wantoota hedduu keessummeessaa oolus halkanitti dabarsee of kenneera. Guyyichi dheeratus dhiyuun isaa hin oolle. Galgala keessaa sa’aatii 2:34 ta’eera; sirritti dukkanaa'eera. Sireenis haala gaariin isaan simatteetti. Magartuun of irra garagaltee laalti. Qaabatoon amma tana akka bishaan laga guutee, ooyiruu gubbaa dhangala'uu amma tana narra garagala otuu jettu

”Qaabatoonis otoo hin garagalin hafe. Qaabatoon maaliif irraa garagaluu dide laata? Qaabatoon jaalala meeshaa waraanaa dhukaasuu kana malee, waan jaalala hirriba keessaa kana hin beeku fakkaata. Magartuun hoo'i ishee injifatee, “hafuura guddaa tokko uuuuuuuffffffff dadhabe jettee harkaa isheetiin qaama isaa naannawa harmaa kana qabde. "Innis “ maal maal barbaadde ni dadhabdee moo koottu ala baatee qilleensa fudhattaa jedhaan. Halkan kun dheeratus ni bari’e. Halkanichis muudannoo baay'ee keessummeessus darbeera. Biiftuunis bakka isheen dura baatuunitti deebiteetti. Ganama ta’eera. Magartuun gabatee barnoota irratti baratan saniifi boronqii ittiin barreessan saniin, ulaagaa baay’innaan 6 **(Jaha)** ta’u Qaabatoo barsiisuu egalte. Qaabatoonis ulaagaa fudhate sana qabatamatti deebisaa jira. “Abbaa manaa cimaa duuba, haati manaa cimtuun ni jirti” akkuma jedhamu, sana maarree karoorri Magartuun baafatte milkaa’eerafi fakkaata. Jijjiirama qofa seetuu sireen isaan irra ciisan isaan lamaaniifuu harka dhayaa jira. Jijjiiramichi dhufes adeemsa keessa humna godhataa dhufe. Magartuun ulfa taatetti kun bu’aa ulaagichaati natti fakkaata. Tola waaqaatiin Tolaan dhalate. Guddatee miilaan deemuu eegaleera. Jabaachaas dhufeera. Guyyaan Kamisa.

Gabaan guddichi magaalaa Araaxaa Kamisa fi Dilbata dha. Guyyaa kana gabaan naannawa Araaxaan nama baay'ee keessummeessa. Seenaa naannawa kana xinnoo ishee irraa isiniif qoodee bira darba. Naannawni kun gootota hedduu maddisiiseera. Isaan uummata Oromootiif jecha jireenya dhuunfaa isaanii dhiisanii saba isaaniitiif jecha aarsaa qaqqaalii, wareegama jajjabaa kaffalan keessaa gootni Nadhii Gammadaa isa tokko dha. Gootichi Nadhii Gammadaa naannawa kanatti dhalatee guddate. Loltuuleen saba isaatiif jecha umrii isaanii guutuu jiraataa turan, hedduun isaanii naannawa kanaa akka jiraniidha seenaan kan balballoomsu. Akkasumas maanguddoota cicciimoo, abbaa gadaa, jaarsolii biyyaa fa'a qabdi. Maal kana qofa naannawa Araaxaa jedhamu kana yammuu dhufan muduraaf kuduraa gara, garaa argatu. Gaafa isheen gabaa fa'a kam bitadhee, kam dhiisuu jedhu. Akkasumas sabaaf sablammoonnii gara garaatu kan ishee keessa jiraatuudha. Biyya muduraaf kuduraa gara garaa irraa fayyadamanii dha. Maal kana qofa qotee bulaan naannawa sanaa kanneen akka Qamadii, Boqqoolloo, Xaafii, Garbuu, Mishingaa fa'a irraa callaa gaariis cimsee irraa argata. Sana qofas miti qilleensa miidhagaas qabdi. Qilleensi ishee baay'ees hin qorritu, baay'ees hin hoo'itu giddu galeettii dha. Biyya mukkeenii fi gaarreeniiti. Jireenyaaf baay'ee mijattuu dha.

Aadde magartuun daa’ima ishee Tolaa dugdatti baattee, mi’a gara garaa bitachuudhaaf gabaa baate. Bitattee yammuu galtu mucaa isaanii Tolaa jalaa dhukkube. Abbaa horraa waliin daa'imicha qabatanii mana yaalaa naannawa san jirutti deemaniin. Manni yaalaas hin dandeenye waan ta'eef, gara hoospitaala magaalaa Asallaatti waraqaa barreesseef. Haati Tolaa ykn Magartuun magaalaa Asallaadhaa obboleettii qabdi Gannoo Barii tan jedhamtu. Obboleettiin ishees magaalaa Asallaa jiraatti. Qaabatoof Magartuun daa’ima dhukkubu kana qabatanii hoospitaalaan deeman. Erga yaalchisan booda ogeeyyiin fayyaa akkas jedhaniin Qaabatoof Magartuudhaan “Daa’imni dhukkuba hamaa hin qabu garuu yaalli taasifameefii jira. Qorsa guyyaa afuriif asuma turee akka fudhatu" jedhaniin. Isaaniis tole jechuudhaan faana isaanii gara mana jireenyaa Gannoo Barii qajeelchan. Achi gahan. Gannoonis haala gaariin isaan simatteetti. Qaabatoof Magartuun yeroo muraasaaf mana Gannoo Barii bubbulaniiru. Daa’imnis fayyee jira. Mucaan waggaa sadii ta’eera. Gannoon “ Mucaan kun anuma biratti guddata, nan barsiisa anaaf kennaa jechuun isaaniif himti. Isaanis waliin mari'atanii siif kenninee jirra jechuun himaniif. Isaanis erga Tolaa kennaniif booda gara biyyaa isaanii debi’an. Jiruu jaalalaa dhandhamaa jireenya isaanii itti fufan...

Gannoon mucaa kana guddisutti kaate. Tolaanis ni guddate ijoollee ollaa faana guddachaa, isaan waliin taphaachaa oolee galgala gala. Adeemsa keessas Tolaa amala jijjiirataa dhufeera. Adaadaan isaa yeroo baay'ee irra deddeebitee gorsiti. Hin dhagahuuf kan isaa qofa hordofa. Innis mana ijoolleen kashalabbee ooltu oola. Mana dhugaatii jedhaniin sana oolmaan isaa achi. Raawwiin isaa sigaaraa jedhan sana fa'a xuuxa. Adaadaan isaa wayta ergitu akkas jechuunii, eegale "Eecci "maali xaaxaan akkanaa" jedhaa mataa isaa raasaa mara. Kun bu'aa hiriyyoota wajjiin ooluudha. Tolaan hiriyyoota safuu hin beekne waliin oola. Hiriyyoonni isaa gocha safuu hammeessanii raawwatu.. Halkan dayeefataa nama saamaa wanta qara qabuun nama waraanaa lubbuu namaa dhabamsiisu. Gocha gara jabeenyaa irra deddeebi'aa dalagu. Tolaanis hiriyyoota kanneen waliin ooluu eegale.

BOQONNAA LAMA

Magartuun dahuumsa Tolaa irratti dhaabde. Gadaamessi ishees waan murteessu murteesseera. Magartuun rakkoo dahuumsa gadaamessaa godhatte. Umriin nama way dhaabbataa laata. Isaanis gara dadhabuu dhufaa jiran. Gabaan guddicha magaalaa Asallaa Kibxata fi Sanbata dha. Guyyaa gabaa kana beellamnis dallantee manaa isaan baafte. Akkuma saffistee manaa isaan baafteen magaalaa Asallaan isaan geetteetti. Isaanis Magaalaa Asallaa gahanii, gabaadhaa waan bitatuu barbaadan hunda isaa bitatanii xumuranii haajaa isaanii bahaniiru. Faana isaanii gara mana obboleettii Magartuu qajeelchan. Abbaaf haati ilma isaanii Tolaa baay'ee jaallatu. Tolaan maatiidhaaf isa tokko dha. Maatiinis Tolaa adaadaa isaa biraa gara mana ofii deebisuudhaaf walii galanii dirqaman. Isaanis gocha kashalabbee Tolaan raawwatu kana hin beekan. Obboleettiin Magartuu Gannoon gocha Tolaan raawwatu kana ni icciteesiti. Hireen jireenya magaalaa Asallaa Tolaatti garaa jabaatte. Tolaanis aaree mufachuudhaan jireenya magaalaa Asallaa dhiisee gara maatii isaa waliin gara naannawa maatii isaatti deebi'e.

Maatiinis Tolaadhaan akkas jedhuun "Ilma keenya qabeenyi qabnu kan keeti situ nu dhaala bar jedhaniin" Tolaanis adeemsa keessa araadota gara garaa sana dhiisee mufannaa araadota dhiisuu isa sana ofitti cabsee obse. Aariin irraa qabbanaa'e fakkaata. Innis hiree laatamteef kana tole jechuun fudhateera. Tolaanis adeemsa keessa araada gocha kashalabbee kana irraanfataa dhufeera. Araadota dur fayyaadamaa ture sana jibba irraa kan ka'e namuma waan akkasii raawwatu sana jibba. Kun jijjiirama amalaati. Maatiin Tolaadhaaf gorsa baay'ee kennuuf. Abbaan isaa yeroo dheeraaf dirree hoomaa waraanaa keessatti leenji'aa turee biyyaaf tajaajilaa tureera. Qaabatoon abbaan Tolaa ilma isaatiif seenaa waraanaa keessa ture fa'a haalaan cimsee itti hima. Akkas jechuudhaan "Ilma koo uummanni Oromoo koo sirnoota gita bittaan hacuucamaa akka ture, ajjeefamaa, hidhamaa akka ture, gabroomfamaa, saamamaa, dhidhiitamaa, fannifamaa, dararamaa akka ture mararfataa ilma isaa kanaaf seenaa kana itti hima." Tolaanis seenaa abbaan isaa itti himerraa waan guddaa barateera. Haalaan cimsee xiiqa'eeras. Qaabatoon ykn abbaan Tolaa yeroo inni mootummaa Hayila Sillaasee keessa jiru seenaa isaa seenaa biyyaa, seenaa waraanaa keessa ture fa'a haalaan cimsee itti hima.

Yeroo kana Tolaa keessatti fedhiin jaalala biyyaa, fedhiin oromummaa fi sabboonummaa, xiiqiin, akkasumas fedhiin jaalala gara dirree waraanaa deemuu keessa isaatti uummamaa dhufeera. Onneen isaas guutamaa dhufeera. Haati isaas nama safuu, duudhaa, aadaa, sona ummataa beekaniidha. Tolaas barsiisanii jiru. Tolaan gama abbaa isaatiin seenaa biyyaa abbaa isaa irraa barataa jira. Gama haadha isaatiin duudhaa biyyaa haadha isaa irraa barataa jira. Tolaanis qaamaan jijjiirama guddinaa agarsiisaa dhufeera. Gaaf tokko haadhaaf abbaa isaatiin akkas jedhe “ Anis kaayyoon koo” akkuma abbaa kootii biyyaaf of kennee gara dirree hoomaa waraanaa deemuu dha. Akkas jechuun maatii isaatiin mari’achuudhaaf yaale. Maatiinis dubbii isaa tanatti waan gammadan hin fakkaatan. Maatiinis akkas jedhuun. "Ilmaa keenya qabeenya qabnu eenyuuf dhiiftee deemta.” Isaanis qabeenya guddaa qabu. Qabeenya kanatti fayyadamtee erga qabeenya horatte waan jabaa godhatte booda diina biyyaa baasuu dandeessa jechaanii gorsu. Akka inni karaa baay’een diina isaa injifachuu danda’u itti himaa gorsan. Innis yaadni qabeenya isaanii kun fedhii isaa mo’achuu hin dandeenye.

Tolaan fedhiin onnee isaa gara dirree hoomaa waraanaa deemuu qofadha. Tolaanis gorsa isaanii fudhachuudhaan hawwii isaa otoo hin irraanfatin maatii isaa haalaan gargaaraa wajjiin jiraachuu eegale. Abbaan isaa Qaabatoon maanguddoo ta'aniiru. Duudhaa, safuu, bulmaata, aadaas baraniiru. Abbaan isaa Qabatoon ilma isaatiif akkas jechuun dhaamsa dhaamaaf ture. "Ilma koo! guddadhu guddattee nama waldhabe, gosa wal dhabe, ollaa wal dhabe araarsi. Beeki wallaalaa illee beeksisi. Hamaa sirraa haa qabu. Gaariin sin darbin. Jedhee eebba kana fakkaatu eebbise. Tolaanis hayyee jedhee gorsa kana fudhatutti fufe. Waaqni woyyu, Ardiin woyyu, Haati woyyu, Abbaan woyyu, Jaalli woyyu, Soddaan woyyu, jedheen. Tolaanis maal jechuu dha abbaa koo jedhee gaafata. Abbaanis ilma koo "Waaqni ka nu uume kaa, Ardiin kan irratti dhalanne kaa, Jaalli kan kabajamuu dha, kan ulfina qabuudha, kan irraa fuudhanii dha. Haati tan irraa dhalanne kaa. Dhalachuu qofaa miti. Ilma kiyya ji'a sagal garaatti nu baattee, nu guddistee, nutti miidhamtee, ofii isheetii miidhamtee qananiin nu guddisuudhaaf yaalti. Dhippina hunda kan namarrraa qooddatu. Haati kafana ofiiti. Isheedhaan lalisu.

Ilma kiyya kabaji hunda isaa fudhu eebbas qabadhu. Ta qabattu siif haa taatu, barri roobaa nagaa gadaan quufaa gabbina siif haa ta'u" jedheenii eebba kana fakkaatu kenneef. Tolaanis Amiin Amiin Amiin jechuun irra deddeebi'ee eebba sana fudhate. Amma dabareen kan haadhaati. "Ilma koo "Nama safuuf duudhaa ofii beekuu ta'i, nama bultii qoratee bultii godhatu ta'i, hori, ilmi sii haa qajeelu, nama rakkoo furu ta'i, arjaa ta'i kan beela'e beela baasi, kan dhebote dheebuu baasi, hayaa qabadhu taatee **!!! tu tu tu tu !!** jettee" tufteefii eebiste. Tolaanis Amiin Amiin Amiin jechuun eebba haadhaas fudhate. Tolaan haaluma guddachaa yaada galfachaa adeemuun nama safuu, duudhaa, aadaa bulmaata hawaasa ofii cimsaa beekaa dhufeera. Tolaan haadhaa fi abbaa isaa baay'ee kabaja, baay'ee jaallatas. Abbaan isaa obbo Qaabatoo Heeyyii dhibeef harka laatan. Obbo Qaabatoon yeroo chaartara hoomaa waraanaa keessa jiru sana lolli hamaan tokko adeemsifamee ture. Qaabatoonis lola sana irratti hirmaachuudhaan meeshaa waraanaatiin akka carraa dhahame ture. Garuu gareen inni waliin lolaa ture sun injifataniiru. Yeroo san mana yaalaa deemee ture. Fayyeera garuu xiyyiitiin tokko yeroo san garaacha isaa keessatti akka hafteedha.

Ishee santu dhibee itti ta’e. Abbaan Tolaa oolee hin bulle siree gubbaatti deebi’e. Hireen obbo Qaabatoo Heeyyii gabaabachaa dhufte fakkaatti. Gaaf tokko dhukkubbiin akka malee itti hammaate. Ilmi isaa Tolaan akkas jedheen “ Haa deemnu abbaa koo gara mana yaalaa” jedheen. Abbaan isaa Qaabatoonis akka ilmi isaa Tolaan hin yaaddofneef jecha ilma koo natti fureera. Jedhee irra deddebi’ee himeef. Tolaanis hayyee ka abbaa koo erga jette. Tolaanis qaamaan haa xiqqaatu malee, yaadaan nama guddaadha. Innis amma umriin isaa 15 ta’eera. Jiini Caamsaa 15 dha. Guyyaan kibxata ganama Tolaan Ijoollummaas qaba waan ta’eef manaa bahee ijjoollee naannawaa wajjiin kubbaa miilaa taphachaa jira. Duuti obbo Qaabatoo Heeyyii simatuuf qophaa’aa jirti. Haati Tolaas Magartuun oollaa isaanii bira deemtee turte. Achii deebitee abbaa Tolaa jettee irra deddebitee yammuu waamtu Qaabatoon jalaa awwaatuu dide. Isa hireen jiruu addunyaa kanaa garaa itti jabaatte. Innis du’aan addunyaa kana irraa boqatee jira. Haati Tolaa maal hin dhaga’uu jettee yammuu bira geessee ilaaltu du’e jira. Haati Tolaas naatee kufteetti. Ollaa isaanii keessaa aadde Raadiyaa tan jedhamtu maatiii warra Qaabatoo wajjiin yeroo dheeraaf jaalalaan wal faana jiraachaa turan.

Raadiyaan abbaa Tolaa itti fureera moo laata jechuun gaafiif adeemte. Balbala manaa geessee nooraa **“yo’o”** jettee yammuu balbala ol seentu haati Tolaa kufteetti. Raadiyaan as qabde, achi qabde, homaa of beekuu didde. Isheenis malli isheen qabdu iyyuuf iyyuu qofa dha. **Uu Uu Uu** jettee nama walitti yaafte. Ollaanis dhagahee wal dhageesisee bitaa mirgaa walitti yaa’ee dhufe. Tolaanis iyya dhagahuun akka culullee allaattii saffisaan ariifataa gara manaa dhufe. Yeroo inni gara manaa dhufu ummanni iyya birmatee akkuma baratame naannichatti reeffa keefananii bo’icha maraachaa makaa itti jabeessan. Tolaanis du’a abbaa kana baree, abbaan du’uu beeknaan innis naasuudhaan of wallaale. Haadhaaf ilmi sa’aatii muraasa booda lubbuun keessatti deebite fakkaatu. Akka abbaa murtee gaabbii hin qabne waan murteesse hin fakkaatu. Tolaanis abbaa koo jedhee mararfatee gadda keessa seene. Hawaasni naannawa sanii Abbaa Tolaa obbo Qaabatoo Heeyyii aadaa qabaniin, sirna hoo'aa ta'een kabajaan awwalan.

BOQONNAA SADII

Guyyaan gaddaa sunis darbeera. Tolaan obsaaf of kennee haadha isaa wajjiin jiruu isaa jiraachuu eegala... Egaa Tolaanis guddachaa dhufeera. Ganama bahaa dalagaa gara garaa dalagaa harmee isaa haalaan cimsee gargaara. Harmeen isaas gara dadhabuu dhufaa jirti. Innis harmee isaa biraa hin fagaatu baay'ee ishee jaallata. Isheen dadhabnaan nyaata dalagaaf. Hojii manatti dalagamu hunda isaa akkuma dubartiitti hamma humna isaa baay'ee carraaqaa dalaga. Uuffatas irraa miicca. Haati isaas faana abbaa Tolaa irra waan jirtu fakkaatti. Guyyaanis guyyarraa darbaa dhufeera. Haati Tolaa dhukkubsatteetti. Magartuun ykn haati Tolaa dadhabuu irraa kan kaate siree gubbaatti deebite. Tolaanis harmee isaa biraa hin fagaatu. Sababni isaas nyaata dalagee harka ofiitiin harmee isaa nyaachisa. Haati isaas baay'ee dulloomteetti. Harmee isaa waliin haala kanaan otuu jiraachaa jiran, hireen haadha Tolaa mucaa ishee irraa adda baasuudhaaf hedduu arifataa dhufteetti. Bari'ee guyyaa tokko sa'aatii 3:00tti Tolaan dalagaa mana keessaa dalagee waan hundaa mijeesseefi dalagaa alaatiif manaa bahe. Hojii hojjachaa oolee yammuu galu, Haati isaa dhibee onnee waan qabduuf yeroo baay'ee of wallaaluu baay'ifti. Yeroo inni dalagaa dalagee galu of wallaaltee jirti.

Innis argee naasuudhaan iyyuutti ka’e. Iyyee ollaa bitaa mirgaa walitti yaase. Ollaanis iyya dhagahee, wal dhageesisee **“Maaltu uummame laata?** “ jechuun gara mana warra Tolaa dhufan. Ollaanis dhufuudhaan gara manaa ol seenan; haati Tolaa kufteetti. Yeroo yartuu booda hafuurri itti deebi’e fakkaata. Isheenis ol jechuudhaan “Maaltu uummame ilma koo kan ollaan yaa'ee dhufeef" jettee ilma ishee gaafatte. Tolaanis “harmee too homaa hin taane yammuu an dalagaa dalagee gara manaa galu kuftee turte. Anis rifadheen ollaa yaase” jedheen. Aadde Magartuun dhibeen onnee itti hammaachaa dhufeera. Tolaanis yeroo sana akka amma kana qorsi ammayyaan deeggarame waan hin jirreef, innis nama qorsa aadaa beekuu iyyaafachuudhaan qorsa qabatee fi galeen. Kenneefi jennaan qorsichi inni fideef sun homaa jijjiirama fiduufi dide. Dhibeen itti hammaachaa dhufeera. Hireenis Tolaaf haadha isaa gargar baasuuf dirqamte. Addunyaan irra jiraannu haadha Tolaatitti nagaa dhaammataa jira. Jiini Adoolessa 26 dha. Guyyaan Roobii halkan keessaa sa’aatii 9:30 tti yammuu ta’u, haati Tolaa ykn Magartuun du’aan addunyaa kanarraa boqatte. Halkan sun tirataa deemus bari'uun isaa hin oolle. Bari’ee ganama ta'eera. Guyyaan kamisa dha. Tolaan ganamaan ka’ee ciree dalagee qopheessee “Harmee too ka’i ciree siif dalageera.

Ka’iitii ciree siif dalage kana nyaadhu” jedheen. Isheenis “cal” jechuurrraa gara duubaa hin jenne. Lubbuun ishee foonitti nagaa dhaammatee jira. “Harmee too, harmee too harmee too jechaa irra deddeebi’ee waame. “Homaa” rifatee yammuu bira dhaqu garana garas wayta qabu, haati isaa jiraachuu hin dandeenye lubbuu ishee addunyaa kanatti nagaa dhaameera. Tolaanis naasuudhaan of wallaale. Hiriyyaan Tolaa maqaan isaa Bashiir kan jedhamu ganamaan hojii hojjachuudhaaf Tolaa waama jedhee yammuu mana isaanii dhaqu Tolaa kufe arge. Haadha Tolaa yammuu ilaaluu boqatteetti. Bashiir gara alaa bahee iyyee ollaa walitti yaase. Ummannis fagoo dhiyoos iyya dhagahanii achii xiixaa dhufan. Yeroo dhufan haati Tolaa ykn Magartuun boqatteetti. Ilmis naasuudhaan kufeera. Ummanni Tolaa gara alaa baase. Haadha Tolaa immoo ni keefanan. Ganama sa’aatii 4:30 ta’eera. Guyyaan Kamisa waan ta’eef, hawaasni naannawa Araaxaa marsee jiraatu har’a wal gahan. Guyyaan gabaadha. Tolaanis cal’iseetu nama laala. Ija isaa qofatu haasawa. Imimmaan jechuudha. Baay’ee rifate qoonqoo isaatu duude, boo’uu irraa kan ka’e. Rifannaan inni rifate qaama isaa hundaa injifateera.

Hawwii ifa isaatu dukkanaa’e; onnee isaatu nahe. Jirutu harkaa bittinnaa’e. Hawaasni naannichaas akkuma beekkamu kan gabaa yaa’ees wal gahee, kan gara biraa jirus dhufee, firri, ollaan, gosti walitti yaa'ee haadha Tolaa sirna qabaniin awwaalcha raawwatan. Tolaanis hireen haadhaaf abbaa irraa fudhatte kophaa isaa hanbifteetti. Innis gadda cimaa keessa seene. Innis haala kanaan waaqa isaatti harka ol qabee waaqa isaa kadhatee mararfatee ibsate. “Yaa waaq gurraacha garaa garbaa tokkicha maqaa dhibbaa naa dhagahii jedhee itti fufe... Harmee too safuu na barsiiftee, aadaa gaariis na dhaalchifte. Gorsa daangaa qabnes naaf laatteetta. Abbaa koo jaalala na barsiiftee, saba keetiif jettee waraanaaf biyyaa baate. Gabrummaa saba keetii ilaalaa obsaa, garaa ciniinnataa, hacuuccaa saba keetii ilaaluun garaan si gubannaan chaartara keessaa gadi dhiiftee dhoksaan chaartara keessaa baate. Yaa waaq isaaniin gargar na baafte jannata isaanii hawweera. Naa dhagahi dhageettu naaf awwaadhu.” Jedhee harka waaqatti ol qabe erga kadhannaa isaa xumureen booda harkasaa gadi deebisee murtee akkas fakkaatu of waliin mari'ata akkas jedhee. “Anis dirree waraanaa yoom imalu laata? Kaayyoo abbaan koo otoo hawwu biraa du’e kana galmaan gahuu qaba.

Kaayyoo isaa qofa osoo hin taane saba koo hacuuccaa, gabrummaa jalaa baasa jechuun hamma humna isaatti cimsee karoorfate. Tolaanis qabeenyi maatii fedhii milkaa'ina isaa injifachuu hin dandeenye. Innis amma dargaggeessa cimaa waan tureef umriin isaas kudha torba 17 taateetti. Yeroon kun yeroo mootummaa Hayila Sillaaseeti. Innis gara dirree hoomaa waraanaatti makame. Iddoon inni itti leenjiitti makame naannawa Somaalee keessa magaalaa Jijjigaa irraa kan konkolaataan yaabbatamu naannawa Argiisaa jedhamee beekkamu iddoon yeroo mootummaa Hayila Sillaaseen hoomaa waraanaa itti leenjisaa ture sanitti leenjii isaa itti fufe... Erga inni gara dirree hoomaa waraanaa deeme booda kara deemaan fooxaa daalacha mormarra of buusee, gogaa baay'ee tokko walitti dadachaasee ulee keessa diraa imala isaa deema. Innis otoo imalaa isaa imalaa jiru mana warra Tolaa bira gahe. Fuuldura balbalaa dhaabbatee akkas jedha. **"Migib aasfalligoonyaal kasaxxuuny istii lixayiq**" "Nyaata na barbaachiseera. Yoon naaf laatan mee deemeen gaafadha jedhe. Gara mooraa ol seenee yammuu ilaalu mooraa keessa nama mimil'atee tokkos hin argine.

mooraa keessatti iddoon ciisichaa mana osoo hin taane mooraa keessa jira ture. Gammaduudhaan yeroonis galgala waan ta'eef dadhabbiis qaba fakkaata. Ciisicha isaa itti nam'e... Manni maatii warra Tolaa qophaatti hanbise kara deemaa kana simannaa hoo'aan simateera fakkaata. Kara deemichis bulee barii barraaqa achii deeme. Naannawa sanitti hojii gogaa duuguu hojjachuu eegale. Hojiis hojjachaa, bubbulee ji'oota lakkoofsiseera; lafas barateera. Afaanis barate. Hojii isaa fooyyessuudhaan hojii dura hojjachaa jiru sana dhiisee hojii akka qonna jallisii namuma naannoo sanii faana hojii kanneen hojjachuu eegale. Dur maatiin warra Tolaa oollaa hamaa tokko qaban ture. Ollaan hamaan kun maqaan abbaa mooraa sanaa Haagoos Gabra Maariyaam jedhamuun beekkama. Namichi gogaa duugu sun ollaa hamaa warra Haagoos kana waliin hariiroo cimaa uumaa dhufe. Oromoon yammuu mammaaku "Jalee jalli wali" jedha. Namichi seenaa warra Tolaa ollaa hamaa warra Haagoos sanirraa qorachaa dhufuu eegale. Ollichis akkas jechuun dubbii tana gurra buusu. "Namuu akka hin jirree fi aadde Magartuun biyya isheen itti dhalatte magaalaa Goljaa akka ta'ee fi abbaan Tolaa yeroo dheeraaf dirree hoomaa waraanaa keessa akka ture, seenaa isaanii jalqabaa hanga dhumaatti kara deemaa kanatti himu.

Godaanticha kana maqaan isaa Gizaaw Gabra Maarqoos jedhama. Gizaaw yeroo muraasaaf magaalaa Goljaa jedhamtu jiraateera. Ummanni Goljaa godaanticha kana of irraa buqifnaan gara naannawa Araaxaa jedhamtee waamamtu kana dhufe. Gizaawis warra Haagoos faana marii gaggeessuun tooftaalee gara garaa baafatan. Tooftaanis akkas fakkaatti. “Gizaaw akka obboleessa Magartuu ta’e fi Eessuma Tolaa akka ta’e” dabalees naannawa Goljaa jedhamuun beekkamu irraa akka dhufe hawaasa naannoo sanaatiif odeeffannoo dharaa kana raabsaa dhufan. Gizaaw yeroo hawaasatti dhiyaatu ani obboleessa Magartuuti jechuun soba fayyadama. Hawaasnis Tolaan akka dirree hoomaa waraanaa deeme ni beekuu turan. Hawaasnis tooftaa jaraa kana dhugaa jechuun fudhate. Gizaaw manaa fi qabeenya maatii warra Tolaa dhaaluuf gara duubaa hin jenne. Gizaaw hawaasatti dhiyaachuu eegala. Oromoon wayta mammaaku **“Kokkolfaa nama nyaattii gonfaan"** jedha. Warri Haagoos fi Gizaaw diina hawaasaati. Garaa jalaan summii afaaniin damma dibatu. Hawaasnis jara kana kabajaan waliin jiraachaa ture.

Jarri kabaja hin beektu. Jarri safuu hin beektu. Gizaaw hawaasaaf akkas jedhaan “Tolaatu na waame ani dirree hoomaa waraanaa deemaa jira. Koottu naan jedhe” jedhaan akka hawaasni isa hin shakkineef jecha. Gizaaw jiruu gaarii jiraachuu eegale. Ollaa hamaa kana faana madaqan fakkaatu. Jarri safuu hin beekne kunniin safuu raawwachuudhaaf of hin qusanne. Hawaasa jaalalaaf nageenyaan wal waliin jiraatu summii gidduu facaasuun wal dhabsiisaa turan. Aadaa hawaasichaa xureessaa turan; duudhaa hawaasichaa busheessaa turan. Diinni kunniin hawaasa biratti kabaja dhabaniiru. Gizaaw safuu dhoksaadhaan raawwataa ture. Shamarran naannawa sanii dirqiidhaan doorsisuun gudeedaa ture. Hawaasnis dallanuudhaan “Nama akkamiiti kan safuu hin beekne, duudhaaf aadaa hin kabajne salphataan akkanaa kun. Aadde Magartuun nama gaarii dha. Nama safuu, duudhaa, aadaa, ofii cimsitee beektuu dha. Biyyoon itti haa salphattu. Akkasumas gosa gaariis qabdi; gosa duudhaa ofii dagaagfatu qabdi. Namni akkanaa achi keessaa dhalata moo? Dhimmi kun hawaasatti gaafii uume. Kunis akka furmaata argatu gaafichi hirriba isaan dhoowweera.

Hawaasnis wal ta’ee godaanticha kanatti jijjiiramaa dhufe. Gizaaw sobaan jiraatuu isaa of shakkaa dhufe. "Sobni dhugaa hin injifatu; dhugaan hin qallattii malee hin cittu". Akkuma qomoon koo jedhu sana dha. Gizaaw offitti amanamummaan isaas xiqqaachaa dhufteetti. Oromoon qorachuu, qorachiisus beeka. Hawaasni naannawa sanii gaaf tokko marii adeemsifachuudhaaf labsii murteefatanii labsatan. Marii sana irratti hawaasni hundi hirmaateera. Diinota san malee. Sirna dubbii dabaree walii laachaa marii adeemsisaa itti nam’an...

Marii keessaa tokko obbo Beekaa Jamaal namni jedhamu gaafii qaba jedhe.? Gaafadhu jedhaniin. Gaafiin koo namichi ani obboleessa Magartuuti jedhu sun dhuguma obboleessa isheetii jechuun dhimmichi isa rakkisnaan gaaficha kana cimsee gaafate. Marii keessaa inni lammataa kan waadaa hawaasaa nyaate, kan safuu raawwate ol jedhee maal jechuu dha. Gaafiin akka kanaa kun akkamitti nama shakkisiisa. Namichi obboleessa Magartuuti isin jettan. “Eeyyen obboleessa Magartuuti. Anuu cimsee isa beeka jedheen. Tokko marii keessaa eessatti beekta? jechuun dallansuudhaan gaafate.

Eeyyen biyya Magartuun itti dhalatte magaalaa Goljaa sanitti ani eessuma koo biratti dhaladhe. Ergasii as dhufe malee, achitti isa beeka ture kun nama hin shakkisiisu jedheen. Hawaasnis dhugaa se'e fakkaata. Wanti dhugaa isa jechisiise namichi ani ni beeka jedhe sun dhuguma. Naannawa magaalaa Goljaa Magartuun itti dhalatte san biratti dhalate. Namichi waadaa nyaate kun Gizaaw dhaaf maallaqaan bitameera. Hawaasnis gocha Gizaaw fi ollaa warra Haagoos kana ammas ima shakku; shakkimaan jiraatu. Hawaasa naannawa sanii keessaa dargaggoo Bashiir namni jedhamu hiriyyaa Tolaa ture. Dhimmi hawaasaa kun isa rakkiseera. Innis gadi bu'ee xiinxalee yaada baasee buusa. Dhimmi kun hirriba isa dhoowweera. Innis akkana jechuun dhaadate. Keessa ofiitti of hima "Amma tana bilbila Tolaa barbaadee bilbilaaf jedhee kutannoon of kaase dubbii icciteessaatiniin. Bilbila barbaadee barbaadee argate. Bilbila isaa nama Daddafoo Filatoo jedhamu irraa argate. Daddafoon hoomaa waraanaa keessatti ajjeechaan itti yaalamuudhaaf jennaan, dhokatee chaartara jalaa bahee gara biyyaa ofii gale. Bashiiris Daddafoon dirree hoomaa waraanaati isaa galu argee

Bashiir: Akkam jedheen

Daddafoo: Jirra galata waaqaa! ati akkam jedheen.

Bashiir: Jira ani waan ati baddee malee, hoomaa waraanaa keessatti nama Tolaa jedhamu beektaa? jedheen.

Daddafoo: Eeyyen cimsee isa beeka jedheen.

Bashiir: Eessatti beekta jedheen?

Daddafoo: Nama Tolaa jedhamu mucaa hojjaa giddu galaa diimaa sana moo?

Bashiir: Eeyyen, eeyyen jedheen.

Daddafoo: Hoomaa waraanaa keessatti ji'a 6f wajjiin hojjadheen ture jedheen.

Bashiir: Tolaan bar kan Qaabatoo Heeyyiiti; haadha isaa aadde Magartuu Barii hin beektuu? jedheen.

Daddafoo: Mucaa Qaabatoo Heeyyii namicha yeroo dheeraaf dirree waraanaa ture san moo? jedhee harka isaatiin afaan ofii qabate.

Bashiir: Eeyyen, eeyyen jedheen.

Daddafoo: Ani yeroo dirree waraanaa deemu san inni xiqqaa ture adaadaa isaa bira jiraataayyu bar.

Bashiir: Eeyyen sirriidha; adaadaa isaa biratti magaalaa asallaatti guddate. Garuu lakkoofsa bilbila isaa qabdaa? jedheen.

Daddafoo: Eeyyen qaba; hayyee rakkoo hin qabu waan ofii jedheeni lakkoofsa bilbilaa kenneef

Bashiir: Hayyee galatoomi jedheen. Salaamata wal fuudhanii wal biraa deeman. Hiriyyaan Tolaa Bashiiris lakkoofsa bilbilaa fudhatee gara manaa deeme. Tolaan iddoo hoomaa waraanaatti iccitii isaa namaaf hin himu nama kabajamaa dha. Tolaan dargaggeessa lafaa dhufaa qaamaa cufaati. Dandeettii koompitaraa baratee osoo hin taane kennaadhaan qaba. Tolaan yuunivarsitii ykn koollejjiidhaa baratee osoo hin taane, shaakalumaan guutumaan guututti koompitara hasoofsiisee jira jechuun ni danda'ama. Nama ajaa’ibaati. Yeroon yeroo mootummaa Hayila Sillaaseeti. Yeroo sana namni dandeettii akka Tolaa qabu dirree hoomaa waraanaa sana keessatti hin jiru. Nama iccitii hoomaa waraanaa gara keessaan beekuu dha. Sababni isaas toora iccitii irraa waan hojjatuuf. Tolaan chaartara saniif Daarektara olaanaadha dhimma iccitii irratti.

Tolaan chaartara kanaaf baay'ee barbaachisa. Tolaa dha; hojjattoota kan to'atu meeshaa teeknoolojiidhaan. Hoomaa waraanaa keessatti komaandar Laggasaa kan jedhamu hogganaa hoomaa waraanaa chaartara sanaa ture. Komaandar Laggasaan nama uummata isaatiif injifannoo hedduu goonfachiisee dha. Mootummaan hayila sillaasee seenaa nama kanaa qoratee, sabboonummaa irraa calaqisu irratti barraan, qabsaa'aa kana otoo inni hin beekin itti bituudhaan shira itti xaxanii ajjeesisisan. Loltuun cimaan qabsaa'aan kun addunyaa kanarraa lubbuun isaa boqattetti. Chaartarri kun erga komaandar Laggasaan du'een booda dadhabaa dhufeera. Komaandar Laggasaaf Tolaan baay'ee wal faana dhimma Oromoof Oromummaa kana irratti iccitiidhaan dalagaa turan. Tolaa biraa komaandar Laggasaan boqateera. Tolaanis erga komaandar Laggasaan du'een booda chaartarri itti hadhooftee jirti. Jijjiiramuudhaan komaandar Fiqaaduu kan jedhamu shuumameera. Komaandar Fiqaaduun qaama mootummaa Hayila Sillaasee irraa ergame. Komaandar Fiqaaduun Miseensa gita bittootaati. Nama cimaa dha jedhama. Koompitara kanas haa xiqqaatuu ni beeka. Kuni immoo Tolaaf dhiibbaa guddaadha. Fiqaaduun Hoggantummaadhaan yeroo baay'ee tajaajileera. Muuxannoo dheeraas qaba. Komaandar Fiqaaduun hojjatoota tokkoon tokkoon qoratutti fufe. Hojjattoota keessaa Tolaa nama cimaa ta'uu hubate. Dargaggeessa kana

Oromummaan irraa calaqisa; hin sodaatu. Komaandar Fiqaaduun nama ogummaa isaatiin boonu, nama hojii kabaju, baay'ee jaallata. Tolaan cimaa ta'uu odeefatee, oromummaa isaas hubateera. Komaandar Fiqaaduun shira itti xaxuuf tooftaa baasaa jira. Gaaf tokkoo guyyaan kibxata ganama sa'aatii 3:00 irratti Tolaan fa'a marii qabu. Otuu marii dhimma waraanaa irratti mari'achaa jiran. Bilbilli haaraa tokko Tolaatti bilbilame. bilbilli kun biyyaa bilbilameef, hiriyyaa isaa Bashiir kan jedhamutu kan lakkoofsa bilbilaa Daddafoo irraa fudhate santu bilbileef. Tolaanis dhifama gaafachuun marii waltajjii keessaa gara alaa bahee bilbila kaase.

Tolaa: Helo eenyu haa jedhu jedheen.

Bashiir: Ana Bashiir jedheen.

Tolaa: Hiriyyaa isaa durii ta'uu beekee, Bashiir koo akkam jirtu? jedheen.

Bashiir: Jirraa galata waaqaa!! ati akkam Tolaa jedheen.

Tolaa: Jira ani, ati akkam jedheen.

Bashiir: Nuti fayyaadha. Leenjiin hojiin hoomaa waraanaa kun akkam jedheen.

Tolaa: Jirra galata waaqaa leenjiin hojiinis gaariidha. Isin akkam, biyyi akkam, maatiin akkam jedheen.

Bashiir : Maal nagaa dha jetteeti.

Tolaa: Maaltu uummame nagaa mitii? jedheen.

Bashiir: Waanumaafuu ati eessuma qabdaa jedheen?

Tolaa: Hin qabu maaliif na gaafattee jedheen?

Bashiir: godaanticha qabeenya isaanii dhaale iccitii isaa akkuma jirutti jalqabaa hanga dhumaatti itti hime.

Tolaa: Maal maal jechuudhaan ajaa'ibsiifate baay'ee dallanee aare.

Bashiir: yoo siif mijaa'a ta'e dhufuu yaali jedheen.

Tolaa: Tole Bashiir koo! jechuun akkamitti gantuun qe'ee maatii kootii nu dhaalti. Otoo nuti jirru jechuun baay'ee dallane. Oromoon yammuu mammaakuu "Nama tuffatantu ardaa dhaala" jedha jechuun Tolaan yaaddoo hamaa keessa seene. Duraa chaartara kana jibbee jira. Yaaddoon kun Tolaa baay'ee dhippisaa jira fakkaatti. Ganamas galgalas yaaduma kana baasee buusa. Yaaddoo tana wal'aana jechuun tooftaa akkamitti baafadha kan jedhu yaada burqisiisaa oola.

Dhaabni mootummaa Dargii mootummaa Hayila Sillaasee kana akkamiin injifadhu kan jedhu tooftaa baafataa jira. Tooftaan dhaaba mootummaa Dargii inni jalqabaa nama iccitii ykn furtuu iccitii odeeffannoo argachuuf nama cimaa chaartara keessaa bitachuu dha. Dhaabni mootummaa Dargii kun chaartara kana keessaa namni cimaan Tolaa ta'uu odeefatee Tolaadhaaf bilbilu. Tolaan akkamiin chaartara kana keessaa bahu jedhee tooftaa barbaadaa jira. Ni bilbilameef akkam jedhameen laata? "Akka inni achii keessaa bahu yoo ka fedhu ta'e" Dabalees qarshiin guddaan akka kennamuuf ni bilbilamaaf. Tolaan carraa kun isa qunnamnaan baay'ee gammade. Dhaaba kana wajjiin walii galtee uumuu eegalan. Komaandar Fiqaaduun shira Tolatti xaxe qabatamatti deebisuuf guyyaa lakkoofsisaa jira. Tooftaan komaandar Fiqaaduun baase tokko Tolaa dhabamsiisuu dha. Inni lammataa paaswordii ykn furtuu meeshaa kana harkaa baasuu dha Tolaa harkaa. Tolaan nama hojii kabaju, nama hojii jaalatudha. Hojjattoonnis tokko hin shakkan nama iccitii hoomaa waraanaa irra keessaan jiru nama sirritti cimsee beekuu dha. Tolaan chaartara hoomaa waraanaa kanaaf baay'ee barbaachisa. Dhaabni Dargii damee chaartara Tolaan fa'a jiranii san to'atee jira. Dhaabni mootummaa Dargii Tolaadhaaf haala mijeessan.

Tolaanis dhoksaadhaan furtuu meeshaa dhaaba kanaaf barbaachisu furtuu muraasa qofa kenneef. Dhaabni mootummaa Dargii Tolaaf haala mijeessanii achii baasan. Erga Tolaan haalli mijaa'eef booda to'annaa jalaa miliqee bahe. Waardiyyoonni chaartara eegan as fiigi achi fiigi eessaa argu re. Yeroo adeemanii meeshaa nama eegee to'atu sana bira wayta dhaqan furtuu meeshaa sana eessaa argu re. Meeshaa kana keessa iccitii hoomaa waraanaa barbaachisutu jira. Tolaan achi buutee miila bakar waaree ta'e. Ni bilbilaniif Tolaan bilbila isaa cufe jira. To'annoo isaanii jalaa bahee gara biyyaa isaa imala isaa itti kute... Isaanis barbaaduuf yaalaanis hin milkoofne. Ammas barbaadaa jiru. Abdii hin murree garuu kan hafanitti to'annoo cimsan fakkaatu. Tolaanis naannawa itti leenji'an irraa gara magaalaa Jijjigaa imale. Qaamni hoomaa waraanaas ammas ima barbaadu. Gara poolisii federaalaa damee magaalaa Jijjigaa jirutti bilbilan, akka inni to'annoo jala oolu. Konkolaataa hundaa kan karaa magaalaa Jijjigaan bahu hunda isaa suuraa Tolaa konkolaataa keessa seenaatiniin sakatta'iinsa cimsaa ilaalaa dabarsu. Yoom argan re. Tolaan to'annaa isaanii jalaa bahee jira. Ni barbaadu argachuu hin dandeenye.

Tolaan magaalaa Jijjigaa irraa battaluma gara magaalaa Dirree Dawaa yaabbate. Itti galgalaayee jennaan nyaata isaa nyaatee mana ciisichaa tokko kireefatee guyyaa 4 (Afuriif) achuma turuuf dirqame maaliif laata? Akka isa barbaadan dhaabni mootummaa Dargii odeeffannoo isaaf ni eera. Tolaanis tooftaa kanatti fayyadame. Qaamni hoomaa waraanaas yoom magaalaa Jijjigaa qofa, damee magaalaa Dirree Dawaattis ni bilbilan akka inni to'annaa jalaa hin baane. Qaamni seeraa magaalaa Dirree Dawaa jirus barbaachisaa, barbaaduu eegale. Tolaanis mana ciisichaa kireeffate san keessa turuuf dirqame. Qaamni seeraas barbaadee irra deddeebi'ee dhabnaan gara hoomaa waraanaa Tolaan irraa dhufe sanitti deebisanii bilbilan. Akkas jechuun " Tolaan isin jettan argachuu hin dandeenye jedhanii bilbilan. Qaamni hoomaa waraanaa inni irraa dhufes abdii hin murre barbaaduutti fufe... Qaamni seeraa Dirree Dawaas barbaadee irra deddeebi'ee dhabnaan ni dhiise fakkaata. Tolaan Dirree Dawaa keessa erga guyyaa 4 (Afur) bulee booda gaaf tokko barii barraaqa ka'ee of eeggannoo cimsaa gara buufata konkolaataa bira dhaqe. Tolaanis konkolaataa yaabbachuudhaaf gara konkolaataan magaalaa Adaamaa adeemu bira dhaqe. Yaabbatee gara magaalaa Adaamaa imala isaa itti fufe...

Tolaan magaalaa Adaamaa gahe fakkaata. Akkuma achi gaheen nyaata nyaatee, gara mana ciisichaa deeme. Achis bulee barii barraaqa konkolaataa gara magaalaa Asallaa deemu yaabbatee imala isaa gara biyyaa itti fufe....

BOQONNAA AFUR

Guyyaan sanbata xiqqaadha. Sanbatni har'aa kun maal qabattee ceeti laata gara dilbataatti? Bashiir akka carraa gaaf kana meeshaa gara garaa bitachuudhaaf ganamaan konkolaataa yaabbatee, gara magaalaa Asallaa deeme. Bashiir erga meeshaa gara garaa bitateen booda laaqana nyaadha jedhee, mana nyaataa buufata konkolaataa fuuldura jiru tokkotti ol seene. Tolaan immoo magaalaa Adaamaarraa gara magaalaa Asallaa erga dhufe booda konkolaataa irraa bu'ee, nyaata nyaachuudhaaf gara mana nyaataa buufata konkolaataa fuuldura jiru tokkotti deeme. Kaaffee Bashiir fayyadamaa jiru kanatti ol seene. Wayta karra mana nyaataa ol seenu Bashiiriin arge. Bashiiris argee iddoo nyaata nyaatuu ol ka'ee nagaa gaafate.

Tolaanis: Bashiir koo akkam jirta jedhee nageenya gaafata.

Bashiir: Jirra galata rabbii ati akkam jedheen.

Tolaa: Nus jirraa isin akkam jedheen.

Bashiir: "Abboo akkam waggaa (Sadii) 3 keessatti jijjiirama fidde bar" jedheenii dinqisiifate.

Tolaanis: Maal jijjiirama jetteeti, taa'i mee nyaata nyaataa haasofnaatii jedheen

Bashiiris: Tole jedheen isaanis nyaata nyaataa dubbii isaanii hoo’ifachaa bunas ajajatanii dhugaa marii isaanii itti fufan..... Bashiiris: Seenaa namicha qabeenya isaanii dhaalee kana jalqabaa kaasee hamma dhumaatti itti hime.

Tolaanis: Dallanuudhaan akkamitti gantuun qabeenya abbaa kootii na dhaalti. Dhaqeen ishee buqqisa eenyuun na seeti? jechuudhaan baay'ee of xiiqesseera. Tolaarraa maaltu irraa eeggama; tooftaa baafachuudha. Innis tooftaa baafate. Maallaqa dabtara buukii irraa qarshii gahaa qaba ture. Maallaqicha buukii akkaahuntii dabtara irraa qarshii isaa hundaa baasee namootarraan qoratee bakki meeshaan kun itti gurguramu iyyaafachuudhaan kilaashii bitateen. Qarshiin isaas gara waraanaa jijjiiramteetti. Amma yeroon sa’aatii 9:38 ta'eera. Bashiiriif Tolaan wal qabatanii konkolaataadhaan magaalaa Asallaa irraa gara naannawa Araaxaa yaabbatan. Akkuma naannawa Araaxaatti dhiyaataniin, Tolaan konkolaataa irraa bu’e. Bashiir gara manaa gale. Tolaan irraa bu’ee galgala daheefatee galgaleessee galgala sana dhaqee godaanticha kanatti dhukaasa itti bane fakkaata. Tolaaf kun ogummaa dha. Gizaaw “Bishaan kam isa nyaatu re. Dhukaasni itti banamnaan rifatee harka kennate. Harka kennachuu qofaaree ni worwaatees. Worwaatuu qofaaree dafqi irraan dhangala’e. Tolaan nama safuuf, duudhaa baree guddatee dha.

Eenyummaa isaa gaafannaan Gizaaw akkas jechuun himate. Tolaanis eenyummaa isaa baree godaanticha ta’uu isaa beekee haqa inni itti dhama’e isaaf laatee dafqa inni qabus kenneefi ari’ee bakka inni dura dhufetti isa deebise. Hawaasnis Tolaan dhufuu dhagahanii baay’ee gammadan. Dhimmi godaantichaas gaaf tokko furmaata argatti jedhanii amanu. Har’a garuu waan furmaata argatte fakkaatti. Gizaaw hawaasatti yeroo dheeraaf silmii itti ta’eera. Hawaasnis buqqa’uu namicha Gizaaw dhageenyaan baay'ee gammadan; ba'aatu irraa bu'e hawaasicharraa. Hawaasnis kabaja argatee duudhaa ofi dagaagfatuu eegale. Tolaanis haqa qabeenya maatii isaa beekee horachuu eegaleera. Qabeenya maatii kootii haalan cimsee itti fayyadama; amma irraa kaasee dhimma gara dirree hoomaa waraanaa deemuu dugda itti qajeelcheera. Hin fedhu waan jedhu fakkaata. Jiruu isaas hoo'ifachaa haala kana fakkaatuun itti fufe.... Qabeenya qabu haala gaariin itti fayyadamaa, oomisha gaariis irraa argachaa jiraachuu eegale. Ollaan warra Haagoos sunis Gizaaw ari’amuu isaa dhagahaniiru. Isaanis yoom rafan re. Ganamaa galgalas shiruma xaxaa oolu. Silmiin duraa buqqaanaan silmiin biraa dhalatte. Ollaa hamaan kun tooftaa tokko argatan. Hawaasa keessaa nama waadaa sabaa nyaatu tokko argatan. Maallaqaan bitan akka looniitti. “Hubadhaa” namichi bitame kun hawaasa keessaayi.

Maqaan isaas Goobana **Doorii** jedhama. Dur obbo Qaabatoo Heeyyii abbaan Tolaa lafa hektaara 8 (Saddeet) titti tilmaamamu bosonni irra jira ture. Qaamni hawaasa keessaa bitame kunis, dalagaa hammeenyaa dalaguu isaa cimsee itti fufe... Bosona warra Tolaa dhoksaadhaan baay'ee ciraa ollaa warra Haagoos sanaaf fida. Dubbistoota keenya seenaa ergaa cimaa of keessaa qabu kana yeroo dur qaamaan xiqqaa ta'aa ture maatii kootirraa dhagayaan guddadhe. Seenichis akkas fakkaata. **"Mukkeen jaalala qaban tokko baay'eedha ture. Mukkeen kunniin naannawa tokko jiraachaa turan. Mukkeen kanarra dararaan raawwatamaa ture. Mukkeen kunniin ciramaa turan. Mukkeen keessaa hayyuun tokko akkana jechuun labse. "Mukkeen keenya roorroon nurra gaheera haa falmannuu jechuudhaan murtii labse." Mukkeenis roorroon nurra gaheera jedhani falmatu; seerattis himatu. Seerris falmannaa isaanii kana furmaata kennuudhaaf yaalan. Isin kan darare ,isin kan cire sibiila qara qabuu dha. Kan sibiilatti hirkate qaama isin ciretu jira. Qaamnis kophaa isin hin cirre sibiila qara qabutti fayyadame."** Anis erguma guddachaa dhufeen seenaan ergaa cimaa of keessaa qabu kun anaaf hiikni isaa galaa dhufe. Kanaaf Goobannis ollaa hamaa saniin bitamee gocha badii, gocha safuu raawwachuuf itti fufe..

Oomisha midhaanii kan Tolaan itti dafqee oomishu dhoksaadhaan kichuu isaa cira. Tolaanis gocha seera qabeessa hin ta'in kana eenyu akka raawwatu hubachuu hin dandeenye; gochi dhoksaadhaan raawwatama. Obseetuma cal jedha. Ollichi safuu hin beekne kun ammas gocha seera qabeessa hin taane raawwachuu ittuma fufe.. Oromoon wayta mammaaku **“Waraabessi jarjaru gaafa ciniina.”** Akkuma jedhamu sana ollichi hamaan warra Haagoos fi kan hawaasa keessaa bitame Goobannis gocha safuu raawwachuu isaanii itti fufan... Tolaan eenyummaa isaanii baruudhaaf jecha eeggumsa cimsuu isaa eegale fakkaata. “**Obsis daangaa qaba**. Mooraa warra Tolaa keessa goojjoon ciisichaa takka ni jirti turte ta yeroo jalqabaatiif Gizawiidhaan simatte. Ollichi hamaan warra Haagoos goojjoo san akka abidda itti qabee gubuuf Goobana itti erguudhaaf ajaju. Goobannis goojjootti gubuudhaaf faana isaa gara fuulduraa qajeelcheera. Kun hawaasa keessaayi. Oromoon wayta mammaaku **“Sababa xannacha tokkootiif foon marti ajaa’a”** jedha. Salphataan aadaaf, safuu, duudhaa cabse kun ajaja ajajame raawwachuuf waan tarkaanfate fakkaata. Mooraa warra Tolaa keessa seenee nama bitaas, mirgas ilaalee dhabnaan goojjootti abidda qabsiise. Tolaan yeroo kana mana jira gocha kana argaa hin jiru. Tolaan akkuma carraa fincaan fincaa’uudhaaf jecha gara alaa bahe. Goobannis gocha hamtuu kana raawwatee otuu gara mooraan alaa bahaa jiru; Tolaan argee uleedhaan dhahee kuffise.

Ollichi hamaan sunis quba qabu waan ta’eef, Goobana miidhama isaa arguudhaan iyya wal harkaa fuudhaa birmatan. Yeroonis ganna; laftis magariisadha;,roobnis yeroo kana dhufeera. Duumessi gigigsu kun namoota wal dhaban kana waan araarsuuf dhufe fakkaata. Roobnis lafa qabsiisee ni roobe. Hawaasnis rooba keessa nama muraasatu iyya dhagahee walitti yaa’e. Goobannis ni miidhame malee, hin duune hin jiraanne. Hireen isaas addunyaa lamaan gidduu imalti. Ollichi hamaan sun rooba keessaa gara manaa gale. Waan nama taajjabsiisu otoo ollaa hamaa kana keessaa namni tokko miidhamee nama miidhame kana biraa hin deeman ture. Goobana achumatti dhiisanii biraa sokkan. Hawaasni yaa’ees Goobanni miidhame waan ta’eef bishaan itti guuru, qilleensa kennuuf, bakka miidhame sana sukkumuuf. Maaliif bishaan itti guuraa, kunuunsu laata? Hawaasni akka inni ollaa hamaa kanaan bitame hin beekan. Goobannis sa’aatii yartuu booda of beeke fakkaata. Bari’ee ganama. Ollaan hamaa sun shira xaxaa bule. Hirribas nama keessummeessan hin fakkaatan. Tolaan shira isaaniin xaxamaa jiru kana hunda isaa hubateera. Tolaan of qopheessee haala mijeeffatee hidhannoo isaa jabeessee ollaa hamaa kana dhabamsiisuudhaaf halkan dayeeffatee gara mana isaanii deeme. Goobanni ammas isaanuma waliin shira xaxaa oola.

Tolaan eeggatee halkan itti ol seene. Mana keessa afur ta'anii taa'u. Balballi manaa rukutamnaan eenyuudha kan jedhu Goobanni utaalee gara balbalaa itti as bahe. Tolaan adda baafachuu hin dandeenye battaluma meeshaa waraanaatiin rifannootaan dhahe lubbuu isaa galaafate. Hireen Goobanaas addunyaa irra jiraataniif waan nagaa dhaamte fakkaatti; boqateera. Tolaan sadi'itti ol seene. Isaan keessaa inni tokko waca alaa kana dhagayee dhokate. Tolaan kan hafanitti ol seenee lamaan itti mul'attee gogombisee. Wayta gara alaa bahuuf jedhu, isaan keessaa kan dhokatee sun osoo Tolaan hin argin dur duubaa isaan daguu dhahee kuffise. Tolaanis miidhameera. Tolaanis al tokko qofa miira dhukkubbii itti dhagahame sagalee ol fuudhee dhageesise. Ollaan kuuwwan iyya dhagahuudhaan iyyaa wal dhageesisaa battalumatti bira qaqqaban. Tolaa manaa dhaban. Mana ollaa hamaa warra Haagoos san bira yammuu dhaqan, Tolaa kufe argan; miidhameera. Hawaasnis Tolaa manatti ol deebisuudhaan, akka inni qilleensa argatu taasisan. Bakka inni miidhames sukkuumaafii jiru. Yeroo mana ollaa hamaa warra Haagoos sana ol seenan. Goobannis du'uu argan. Gaafa balbala manaatti ol seenan jarri miidhamtee kufteetti. Garuu baay'ee miidhaman Tolaan yeroo dhahuuf dhaqu san kan jalqaba itti bahe san rifannootaan meeshaa waraanaatiin dhahee ajjeese.

kaawwanitti wayta ol seenu uleedhaan dhahee gombise. Jalqaba waan rifatee sanaaf gocha gara jabeenyaa akkas fakkaatu sana fudhate. Guyyaan namni halkaniin wal keessa fiiguu sun bari'eera. Bari'ee ganama ta'eera. Hawaasni walitti yaa'ee kan du'e awwaale. Obsis daangaa qaba mitiiree jechaa dhaadannoo jabeessaa, wal kakaasanii ollaa hamaa warra Haagoos san kophee miila hanqisanii bakka dur isaan dhufanitti isaan deebisan. Jarris buqqaate fakkaatti. Hawaasnis namicha ollaan bitame san waan du'eef seera qabuun, aadaa qabuun, duudhaa qabuun gumaa baasan. Tolaanis baay'ee miidhame waan ta'eef, hawaasnis miidhama Tolaa irra gahe kana hubachuudhaan gara hoospitaala guddicha magaalaa Asallaatti qabatanii deeman. Tolaanis adeemsa keessa fayye fakkaatta. Erga fayyee booda hoospitaala magaalaa Asallaatii gara naannawa isaa naannawa Araaxaa tti deebi'e. Tolaanis gammaduudhaan hawaasa isa cinaa dhaabbatee isa yaaleef kabajaan galateeffate. Tolaanis qorsa hoospitaala magaalaa Asallaa irraa deddebi'ee fudhata. Innis gaaf tokko ganamaan ka'ee konkolaataa magaalaa Ogolchoo ykn Haburaa, irraa gara magaalaa Asallaa imalu ganda Araaxaa keessaa qaxxaamuree deema. Innis naannawa Araaxaa irraa yaabbachuudhaan gara magaalaa Asallaa deeme; qorsa fudhachuudhaaf. Qorsa hoospitaalaa fudhateera. Amma yeroon sa'aatiin 7:00 mataa gubbaa ta'eera.

Laaqana nyaachuudhaaf hoteela Siifaan bareedaa tokkotti ol seene. Akkuma ol seeneen nyaata ajajachuun laaqana ajajate nyaate. Yeroo kana hojjattuun takka isheen Hawwii jedhaniin tan nyaata Tolaaf ajajje. Tolaan ija isaa hawwii irraa waan buqqise hin fakkaatu. Innis jaalalaan isheerraa waan qabame fakkaata. Innis nyaata ajajameef nyaatee gara biyyaa deebi'e. Hawaasni Tolaaf bultii hawwu. Akka inni bultii godhatee maatii horatu barbaadu. Tolaan erga mucayyoo Hawwii jedhamtu tana argeen booda guyyaan kun waan dhiyuuf itti hin fakkaatu. Yaadni isaas gara Hawwii deemi deemi. Lubbuun isaa rarraateetti. Turus guyyichi dhiyee jira. Bari'ee ganama; Tolaan gara magaalaa Asallaa deeme. Achi erga gaheen booda kallattimaan gara Hoteela Siifaan miila isaa qajeelche. Hawwiin yeroo kana hojirra jirti. Tolaa ol seenuu argitee naate. Fuulli Tolaa isheef haaraa hin fakkaatu. Innis harka lamaan ol qabee dhoofnaan

Hawwiin: gara isaa deemtee maal sii ajaju? jetteen.

Akka harka dhahu kanaan gurra namaa duucha. Hawwiin bira geessee haasofsiifnaan cal jedheetu ijuma ishee ilaala. Obboleessoo dubbadhu kaa jetteen. Tolaan isheef deema malee, nyaataaf waan deemu hin fakkaatu. Nyaannuu isatti mufateera. Isheen akkas jennaan "Obboleettii maqaan kee eenyudha jedheenii ishee gaafata ?"

Isheenis dhagahuudhaan maqaa ishee itti himuuf arifatte. “**Hawwii naan jedhan”** jetteen. Hawwiinis jaalala isaatiin injifatamteetti. Innis “lakkoofsa bilbilaa naaf kenni” osoo jedhuun Hawwiin hatattamaan waamamte. Tolaanis bilbila ishee argachuu hin dandeenye; abdii osoo hin murin nyaata isaa osoo hin ajajatin gara alaa bahuuf jedhu hiriyyaan Hawwii wajjiin dalagdu takka Firihoot jedhamti. Firihoot oollaa warra Siifaan jiraatti turte. Siifaan ykn adaadaan Hawwii “Firihoot akka mana nyaataa ishee dalagduuf qacarte. Firihoot intala safuu hin beekne jechuun hin danda'ama. Waan adaba jedhamus tokko isaas hin beektu. Tolaan dargaggeessa bareedaa dha. Ilaalamu hin quufamu. Ijji isa ilaalte lafa ilaaluu saalfatti. Tolaan baay’ee miidhagaa dha. Firihoot isa waan jaalatteef lakkoofsa bilbilaa Hawwii fakkeesitee kan ofii kenniteef afaan amaariffaatiin **(Hawwii nech yalaakachiny)** Hawwii tu na erge jechuun soba fayyadamte. Lakkoofsa bilbilaa kenniteef. Innis fudhachuudhaaf gara duubaa hin jenne. Waan hawwiin ergite se’e fudhatee, gara biyyaa gale.

BOQONNAA SHAN

Halkanis bari’ee ganama ta’eera. Guyyaan sanbata xiqqaa dha. Har’a magaalaan Asallaa nama hedduu keessummeesiti. Tolaanis lakkoofsa bilbilaa fudhate sana battaluma mana gahee bilbileef. Firihootis bilbilicha jalaa kaafte.

Tolaa: Helo Hawwii dhaa? jedheen.

Firihootis: Afaan Oromoo kana ni dhageessi malee, haasa’uun ishee dhiba. Garuu xiqqoo, xiqqoo ni haasofti. “Eyyeen” jetteen. Hayyee jechuudhaan wanta haasa'an haasa'anii guyyaa boruntaa isaa hoteela **Siyyuumitti** walii beellaman. Tolaan magaalaa Asallaa gaheera; hoteela Suyyuumitti Hawwii of irratti eegaa jira. Sa’aatiin 6:00 ta’eera. Firihoot Tolaarraa jaalalaan baay'ee miidhamteetti. Firihootis baay'ee of miidhagsitee Tolaa bira dhufte. Mana kaaffeetti ol seentee isa arguudhaan itti dhufte.

Firihoot: **“Indeet neh**” “akkam jirta" jetteen

Tolaa: **“Danaa**” fayyyaadha" jedheen.

Firihoot: "**Unateen naw; yamirri katanaagarku, baxxaam sittamri la ante yalleny fiqreen**

ligaltsilih naw inna yamaxxaahut" dhugaa kooti baay'ee bareedda, jaalala siif qabu siif ibsuuf dhufe jetteen.

Tolaa: " **La'adnaaqootish baxaam Amasaginaalaw**" galatoomi dinqisiifanna keef jedheen.

Tolaa: **"Minnaw basalaam naw gin** " maali nagaadhumaanii jedheen.

Firihoot: " **Simaa aygabaahim indee baxaam woddahaalaw, afaqraahaalaw ikkoo yanee maar"** si'i siif hin galuuhii baay'ee jaaladha bar damma koo jetteen.

Tolaa: **"min maalet naw ihee mahoon yeellabbatim"** maal jechuudha kun ta'uu hin danda'u jedheen.

Firihoot: **"minew**" maali maa jetteen.

Tolaa: "**Ahun wuciiliny saw iyya xabbaqqu naw yaallehut** " amma naa bahi nama eegaan jira jedheen.

Firihoot: **"yataqabalki silki ikkoo yanee naw"** bilbilli fudhatte bar kiyya jetteen.

Tolaa: **"min"** maal jedhee harkaan afaan qabate.

Firihoot: **"Aawo**" eeyyen jetteen.

Innis ishee hin fedhu fakkaata.

Firihoot: **“ibaakin taraadaany**” bannaati naa hubadhu jetteen.

Tolaa: akkamitti na sobdi jechuun itti dallane. “Garaan jaalate gowwaadha.” Akkuma jedhamu sana.

Tolaa: **"Tahiiny bannaash"** na dhiisi innis waan jaalatu hin fakkaatu.

Firihoot: Dallanuudhaan **anteh raasihin attaakaabdi ishii alem laay yaallow wandi anteh bichaa aydeelam”** Si’i of hin tuulin dhiirri addunyaa kanarra si qofaa miti” jetteen. Tolaan wayta isheen akkas jettuun aaree mana kaaffee keessaa gara alaa bahe. Tolaanis konkolaataa gara biyyaa deemu yaabbatee imala isaa gara biyyaa itti kute. Otuu gara naannawa isaa Araaxaa deemaa jiru naannawa Biyaanoo jedhamu bira gahe. Konkolaataan Tolaan ittiin deemu saffisaan otuu imalaa jiru hoolaan tokko jala bu’e. Hoolaanis konkolaataa kanaan battaluma galaafatameera. Namoonni konkolaataa keessa jiranis hundi isaanii gara alaa bahan. Konkolaataanis hin imalle ni dhaabbate. Hawaasni naannawa saniis ni yaa’e dhiiga hoolaa arguudhaan baay’ee mararfatan. Abbaan hoolaan jalaa galaafatamtes ni dhufe. Tolaanis konkolaachisaafi abbaa hoolaan jalaa galaafatamtes adda baasee waamee hoolaan du’e yoo kaffalame akka safuu ta’e fii yoo kaffalame safuun, danuun akka mana isaatti seenu gaafa seene akka badii ta’e itti himee walitti araarse.

Abbaan horiis nama safuu aadaa, duudhaa cimsanii beekaniidha. Rakkina hin qabu jechuun eebbisee araaramneerra karaa nagaa deemaa jedheen. Konkolaataanis imala isaa itti fufe... Tolaanis ilmi barakaa qabu; hawaasa walitti araarsee gara manaa gale. Ammas jaalala isaa Hawwii irraa abdii waan mure hin fakkaatu. Erga ishee argee yaada baasee buusa; laphee tu naha. Bubbulee gaaf tokko Guyyichi Kibxata dha. Gabaan guddicha magaalaa Asallaa Kibxata fi Sanbatadha. Innis ganamaan ka'ee of miidhagsee Araaxaa irraa gara magaalaa Asallaa deeme. Hawwiin yaadaan fuuldura isaa dhaabbatti. Akkuma magaalaa Asallaa gaheen kallattimaan gara hoteela Siifaan deeme. Akkuma achi gaheen ol seene. Akka deemu kanaan waan nyaataaf deemu hin fakkaatu; waan kallattimaan Hawwii fudhatee gara mana ofii waan galuun fakkaata. Yeroo ol seenu isheen argitee itti dhufte; innis nagaa gaafate. Isheenis baay'ee feeteetti; innis akkasuma. Lakkoofsa bilbilaa gaafate isheenis ni kenniteef nyaata ajajate nyaate har'a milkaa'ee jechaa achii bahee guyyama sana bilbileef.

Hawwiinis bilbila jalaa kaaftee heloo eenyu haa jedhu jetteen.

Tolaanis: Ana Hawwii Tolaa dha. Akkam naa jirta waan ofii jedheen.

Hawwiinis: Jirra galata rabbii nagaa dha jetteen.

Tolaanis: Yoom siif mijaa’aa laata? akka wal agarruudhaaf jedheen.

Hawwiinis: Akka bor mijaa’uuf itti himte. Innis tole jechuun dur yeroo daa’imummaa adaadaa isaa bira magaalaa Asallaa jiraachaa ture. Amma yeroon sa’aatii 11:39 ta’eera. Innis gara naannawa Araaxaa deemuuf konkolaataa dhabe. Deebi’ee adaadaa isaa bira dhaqe. Adaadaan isaa Gannoo Barii baay’ee dadhabdee dulloomteetti. Tolaan itti dhufee jennaan isheenis Tolaa ni guddiste; baay’ee jaallatti; erga arguu dhiiftee waggaa baay’ee lakkoofsiftee jirti. Har’a argiteetti. Amala isaa kashalabbee san ofirrra mulqee amala gaarii qabateera. Adaadaan isaa jijjiiramuu amala isaa kana hubachuudhaan baay’ee ajaa’ibsiifatte. Tolaanis adaadoo jedhee irratti lafa dhahee nagaa gaafate. Adaadaan isaas nagaa gaafatte. Wal dhungatanii walitti maraman; achi bule. Halkanichis bari’ee jira. Bari’ee ganama guyyaan Roobiidha. Tolaanis Hawwiidhaaf bilbilee akka sa’aatii 6:00 irratti wal haa agarru jechuun dhaameef. Hawwiinis tole jette. Sa’aatiin gahee wal argan. Hoteela **Madaskaar** jedhamutti walii beellamanii hoteelatti wal affeeran. Nyaata ajajatan erga nyaatan booda wal qorachuutti gadi taa'an. Tolaan eebba haadhaa isaa yaadate haatis “ilma koo! bultii dura qorachuu hin irraanfatin jetteeni turte.

" Eebbi kun fuula isaa dura dhufee dhaabbate. Hawwiinis maal taate? Yaadaan deemte bar jetteen. Innis homaa jedhee qorachuu ishee eegale. Gosa ishee, eenyummaa ishee, qoratutti fufe... Isheenis qoratte, akkuma isaa intala safuu, duudhaa, aadaa, cimsitee beektuu dha. Adabas qabdi. Innis akkana jechuun Hawwiitti hima.

Tolaa: Tiruun foonii mitii bar dhiigatu itita. Yoon sin argu onneen koos na ciccita ciccituu qofaa re, yoon taa'ee yaadu yaada keetin lixa. Si argachuuf jecha yeroo hedduu kaadhee, baay'ee ifaaje. Hawwiin qaba, bar otoo si wajjii jiraadhee; anis jaalala koo onneerraa siif laadha. Maal kana qofa yeroo gadi ciisu abjuun natti dhufta. Abjuu qofa miti yaadaanis fudhattee naan lufta. Duuti aadaa dha. Anaaf ati addunyaa kanarra hanga wajjiin jiraannu jaalalli keenyas akka burqaa madda. Gammachuun jiraanna abshiir injifannee gadda. Jaalalli kiyyaaf kee hin dulloomu bar; miila godhatee kaata. Onneen kiyya garuu yoomuu si wajjiin jiraata. Jedhee jaalala isheef qabu haala kanaan ibsaaf. Achi booda Isaan lachanuu wal qorachutti fufan... Hawwiinis seenaa ofii jalqabaa kaaftee hamma dhumaatti itti himte. "An adaadaa too bira jiraadha. Maatiin koo biyyi isaanii magaalaa Itayyaa dha. Haatiif abbaan koo wal dhabanii gargar bahaniiru. Haadha Hawwiif abbaan Hawwii hamtuun gidduu isaan seentee gargar addaan baafte.

Isaanis akkuma gargar bahaniin walitti hin deebine. Akkuma **dhagaa cabee** gargar ta'anii hafan. Abbaa Hawwii maqaan isaanii obbo Bariisoo Kamaal jedhamu. Abbaan koo magaalaa Itayyaa baadiyaa naannawa Aanolee Saallanii jedhamtu jiraata. Obbo Bariisoon erga haadha Hawwiitiin gargar bahaniin booda bultii biraa raawwatee jiraata. Haati koos ani yeroo daa'imaa obboleettii ishee Siifaan jedhamtu biratti na dhiiftee biyya alaa deemte. Abbaan koo darbaa darbaa yeroo tokko tokko Itayyaarraa gara magaalaa Asallaa yammuu dhufu na bira hin dhufa ture. Haati koos yeroo tokko tokko naaf bilbilti. Ani adaadaa koo biratti guddadhe. Adaadaan koos mana nyaata qabdi. Ani mana nyaataa san keessa gargaaruudhaan jiraadha. Jettee seenaa ishee haala kanaan itti himte. Tolaanis baay'ee gaddeef simalee akka hin jiraanne, akka jaalatu, akka fuudhee bultiif ishee hawwu isheef hime. Isheenis jaalala isaatiin injifatamteetti fakkaatti. Osoma haasa'aa jiran adaadaan ishee Siifaan beellama hoteela Madaskaaritti qabdi turte. Achi yammuu deemtu karra hoteelaa bira wayta geessu Hawwii fi Tolaa argite. Siifaanis dallanuudhaan hoteela osoo hin seenin gara duubaa deebite. Qaama beellamteef sana hoteela biraatti jijjiirte. Siifaanis beellamicha erga xumuurteen booda gara manaa galte.

Tolaaf Hawwiinis haasaa isaanii akkuma goolabaniin gargar deeman. Hawwiinis gara manaa deemte. Tolaanis gara biyyaa deeme. Siifaan Hawwii hamma isheen galtutti eegaa jirti. Hawwiinis ni galte. Siifaanis akkas jetteen. **“ Galtee giiftii daldaltuu jabduu koo, qiriixxisakee ooltee; ba’i amma mana kooti.”** jetteen. Hawwiinis manaa bahuuf dirqamte. Adaadaan ishee manaa ariite. Yeroo kana Hawwiin waan taatu dhabdee, gara Tolaa bilbilti.

Hawwii: "Akkam Tolaa? adaadaan too manaa na ariite malli maali? jechuun Tolaan mari'atti; innis isaaf kun carraadha. Achumatti na eegi jechuun dhaameef. Isheenis tole jette. Tolaanis hawaasa isaatti dhaammate. Anis guyyaa har’a kana fuudhuun koo hin oolu qopha’aa jechuun ollaafi hawaasa keessa waliin jiraatutti himate. Innis akkuma himateen battaluma gara Hawwii deeme. Akkuma Hawwii bira gaheen laaqana biteefii, wayaa biteefii, gammachuudhaan simatee galateen. Ollaa fi hawaasnis yaa’ee Hawwii Ililfatee, aadaa qabuun maanguddoonni abboolii geerraraa dhiichisaa, maanguddoonni haadholee, ateetee baafachaa ililfataa erbee ykn itillee bal’isanii afanii garbuu gubbaa naqanii jaaltittii irra kaa’anii, Hawwiis irraan kaa’anii ililfatanii simatan. Innis ni galateen galgala. Galgallis ni arifatte bari’uudhaaf. Galgalli sun gammachuun guutamus bari'uun isaa hin oolle. Bari’ee ganama.

Hawwiin of hin beektu. Aarsaa baay’ee galgala kana keessa fakalfe. Haadholiin naannawa sanii ganama aannan itti guurun, kunuunsuun waan biraati. Tolaan maanguddoota biyyaa waliin mari’achuu eegale. Gara itti adeemamuu qabutti adeeman. Maanguddoonnis iyyaafatanii gara warra abbaa Hawwiitti miila isaanii qajeelchan. Hawwii kadhaa maanguddoonnis warra intalaa iyyaafachuudhaan achi karra warraa dura gahanii karra rukutuudhaan maatii warraa waaman. Maatiin warra Hawwiis karra jalaa banan. Ol seenaa jedhamnaan ol seenan. Abbaan Hawwii nama safuu, duudhaa, aadaa ofii cimsanii beekaniidha. Maaliif dhuftan? jechuun maanguddoota gaafate. Maanguddoonnis Hawwii kadhaa dhufne jedhaniin. Abbaanis hawaasa naannawa waliin mari’adha jechuun maanguddootaaf beellama qaban. Maanguddoonnis hayyee jechuun gara biyyaa of irra deebi'an. Abbaan Hawwii gosa mucichaa, laga kam ta'e erga qorateen booda mucayyoon tiyya nan laadhaaf jedhe. Guyyaan darbus darbee bellamichi dhiyaateera. Guyyichi beellamaa geenyaan ganama barii ka’anii maanguddoonnis wal gahanii beellama kabajuudhaan gara abbaa Hawwii deeman. Otuu deemaa jiran naannawa warra abbaan Hawwii jiraatanitti dhiyaatan. Haadholiin naannawa sanii daa’ima baatanii, bishaan guutuu waraabanii yammuu galan maanguddoonni Hawwii kadhaa deeman argan.

Maanguddoonnis waliin milkoofne; milkii teenya tan har’aa guutuudha jechaa imala isaanii itti kutan.. Hawaasa Oromoo biratti maanguddoonni biyyaa intala takka kadhaa wayta deeman milkii ilaallatu. Fkn wayta intala kadhaa adeeman wanti hanquun tokko isaan muudata taanaan milkiin teenya tan har’aa nuuf hin taane jedhan. Wayta waan guutuutti dhufan milkiin teenya tan har’aa nuuf taateettii jedhan. Maanguddoonnis achi gahanii ol seenan. Abbaanis ol seenaa jedheenii ol seensise. Hawaasni naannawa sanii yaa’ee maanguddoota Hawwii kadhaa dhufan kana haala baay'ee nama hawwatuun keessummoota kana simatan. Abbaan Hawwii akkas jedhe.” Intalli tiyya har’a irraa kaasee tan teessan” jedheen. Maanguddoonnis gammaduudhaan eebbatti gadi taa’an. Akkas jechuun eebbisan**. “Intalli teessan ta teettu, ta deettu, ta hortu, ta milkii,** jechuun eebba isaaniitti gadi taa'an. Abbaan Hawwiis eebbisee, nyaachisee, obaasee, daadhii tufsiisanii maanguddoota biyyaa milkiidhaan gara biyyaa isaanii gaggeessan. Maanguddoonnis akkuma mana abbaa Hawwiitii gadi bahaniin booda imala isaanii gara biyyaa itti kutan.. Otoo imala isaanii itti kutaa jiran, **Siidaa Aanolee** argan. Akkas jechuun wal gaafachaa deeman. Siidaan kun kan dhaabbate ummata keenya harki isaa murame, haadholee keenya harmi irraa murame, abbootii keenya kan itti kolaasan.

Ummanni oromoo aadaa, seenaa afaan fi eenyummaan isaa akka hin guddanne fi ifatti bahee akka hin beekkamneef sirnoota gita bittaan hacuuccaan fi gidiraan adda addaa kan irratti gaggeefamaa ture jira. Kana irraa kan ka'e seenaan saboota addunyaa baay'een yammuu barreefamu kan uummata Oromoo garuu, akka hin barreefamne fi awwaalamee akka hafu taasifamaa turee jira. Kan barreefames yoo jiraate karaa seenaa dhugaa jiru irraa jallisuudhaan karaa seenaa fi aadaa ummata Oromoo gadii qabuu fi akkaataa sirna gita bittootaaf tolutti qindaa'ee kan barreefame dha. Ummata keenya hidhaan, dararaa lubbuu baasaa, jiraa isaa fannisaa, kaan dhabamsiisaa turan. Akka inni aadaa ofii hin dagaagfanne hacuucaa turan. Ummanni Oromoo kana of irraa qolachuuf jecha wareegama qaqqaalii kaffale as gahe. Dhaloota har'aa kanaaf bu'uura kaa'ee darbe. Galanni kan qabsaa'oota fi gootota keenyaati. Jedhaa maanguddoonnis siidicha harka muraa **Aanolee** ilaalaa haasa'aa deemu. Tolaanis maaltu uummama laata jechuun maanguddoota jarjaraan arifatee eegaa jira; maanguddoonnis ni dhufan. Tolaanis dubbicha dhagahuudhaaf arifate. Maanguddoonnis Tolaadhaan milkiidhaan galle intala nuu kennanii jiran jechuun itti himan. Innis baay'ee gammade.

Gammachuu fi gaddis waan wal harkaa dhahee fakkaata. Maatii isaas yaadachaa haala kanaan mararfatee ibsate “Yaa waaq Galanni kan keeti. Asiin ana gahu keetiif, akka an bultii ijaaradhuuf akkasumas diina nu dhaaluuf dhufe hawaasa koo faana ta’ee of irraa dhabamsiisuu koof humna keetiin irra aane yaa waaq. Kun hundi fedha keetiin Yaa waaq. Anis fuudhuu kootiin hawaasnis gammadeera. Haadhaaf abbaa koo lubbuun addunyaa kanarra hin jirreef jannata isaanii hawweera. Yaa waaq gurraacha garaa garbaa galanni keeti.” Jechuun gammachuu keessa isaa haala kanaan ibsate. Tolaaf Hawwiin bultii jireenyaa isaanii waliin eegalan. Adeemsa jiruu keessas hawwiin ulfa taatetti. Innis baay’ee gammade. Isheenis ijoollee lakkuu deesseef. Ijoolleen lakkuu sunniin lachuu durba dha. Naannichatti durbi wayta dhalattu baay’ee hin gammadan. Tolaan garuu baay’ee gammade. Innis haadha isaa baay’ee jaallata. Gahee walqixxummaa dhiiraaf dubaraa cimsee waan bareef gammade. Ijoolleen lakkuu dhalattes adeemsa keessa guddataa dhufteetti. Ishee takkaaf Obsee Tolaa, isheen lammataaf Dammee Tolaa jedhanii maqaa baasaniif. Bari'ee gaaf tokko Tolaan bilbila isaa manatti irraanfatee dalagaaf manaa bahe. Bilbilli isaas ni bilbilame.

Hawwiinis bilbilicha kaasuudhaan helo eenyu haa jedhu jetteen. Kan bilbilameef hoomaa waraanaa irraayi mootummaan Dargii mootummaa Hayila Sillaasee to’achuudhaan aangoo isaa irraa fudhate. Mootummaan Dargii injifannoo goonfateera. Dhaabni mootummaa Dargii dargaggeessa cimaa kana dhimma iccitii biyyaatiin deemu kana ganama galgala barbaadaa jiru. Mucaan kun dhaaba kanaaf baay’ee barbaachisa. Lakkoofsa bilbilaa haaraatin bilbilaniif. Warri hoomaa waraanaa mootummaa Dargii kun Tolaa akkuma barbaadanitti jiran. Maaliif laata? Dhimma iccitii biyyaa, iccitii chaartaraa cimsee iccitii jiru hunda isaa jalqabaa hanga dhumaatti waan beekuuf. Isaanis bilbiluudhaan akkas jedhaniin. “Obboleettii abbaan bilbilaa hin jiru”? jechuun gaafatan. Hawwiinis eeyyen hin jiru jetteen. Eessa jira jedhaniin. Hawwiinis hin shakkine hiriyyama isaa seetee iddoo inni jiru itti himte. Isaanis gammaduudhaan dhimma iccitii biyyaatiif barbaadama. Yeroo hedduu barbaadaa, barbaachisaa turan hin milkoofne. Amma garuu waan milkaa’an fakkaatu. Qaamni mootummaa Dargii iddoo inni jiraatu hubatee damee chaartara naannawa Tolaan jiraatutti bilbiluudhaan to'annaa jala akka oolu atattamaan ajaja baasan. Dameen chaartaraa ajajni laatameef sakatta'iinsa cimsee haa inni dalagaa, dalagee galu eeganii to’annaa jala oolchan. Qaamni hoomaa waraanaa Tolaa to’annaa jala oolchanii qabatanii deeman.

Tolaan maatiin gar gar bahee, mootummaa Dargiitiif dalguu eegale. Yeroo mootummaa Dargii san fedhiin osoo hin taane dirqiidhaan adeemu gara dirree hoomaa waraanaa. Tolaan dirree "Xoor wuggiyaatti" dalagaa isaa itti fufe... Yeroo sana iddoon dirree itti leenji'an **(Deddesaa, Bir shalaqoo, Dallo mannaa, billaattee, Taaxaaq** fa'a ture. Tolaan iddoon kanniin keessaa **Taaxaaqitti** hojii isaa itti fufe...

BOQONNAA JAHA

Kun hojii kooti; "anatu diina afaan si kaaye." Jechuudhaan Hawwiinis anatu dabarsee si kenne jechaa baay'ee boossee gaddite. Hawwiin dhimma deemame kana tokko isaa hin beektu. Tolaanis akka tanaan dura dirree hoomaa waraanaa deeme itti hin himne ture. Tolaanis akka haalaan cimsanii isa hordofan kana hin beekne ture. Hawwiinis jabduudha; obsitee abdii hin muru **"Namni abdii muru hin moo'u"** jechuudhaan isheenis obsumaan otuu jiruu jaalalaa hin dhandhamin maal haa jettu ree hiretu gargar baase. Yaa hiree tana. Ijoollee ishee haala gaariin guddisuu eegalte. Gaaf tokko haati Hawwii deesse Hawwiidhaaf bilbilte. Akkas jetteen

Haadha Hawwii: "Akkam ilma too nageenyi maal fakkaata ?"

Hawwiinis: "Nagaa dha harmee too Galata rabbii!"

Haadha Hawwii: "Akkas jetteen" amma erga biyya alaatii galee waggaa tokko ta'eera. Amma Finfinneen jiraadha. Bultii godhee jiruu koon jiraachaa jira" jetteen.

Hawwiinis: "Gaariidha"

Haadha Hawwii: "Ati hoo amma maal irra jirta Hawwii too? jetteen.

Hawwii: "Haadha too anis akkuma si'ii jiruu keessan jira" jetteen.

Haadha Hawwii: "Heerumtee moo? jette.

Hawwiinis: "Eeyyen bultii godhee amma haadha ijoollee lamaati durba lama qaba jetteen.

Haadha Hawwii: "Ajaa'ibsiifachuudhaan ijoollee lama keessaa takka naaf kenni? jetteen.

Hawwiinis kophaa ishee waan jirtuuf ijoollee lama guddisuun ni ulfaata waan ta'eef, Hawwiinis hayyee waan jette fakkaatti. Ishee lamaan keessaa intala ishee Dammee jedhamtu kenniteef. Haatiis Hawwii bira iddoo isheen jirtu hubattee qorachuudhaan ishee bira dhufte. Torbaan tokkoof erga ishee bira turte booda Dammee qabattee, gara magaalaa Finfinnee deemteen. Dammeenis achumatti guddatte. Finfinnee keessa naannawa Qaallitti jedhamutti. Hawwiif intalli ishee Obseen walumaan jiruu isaanii jiraachaa itti fufan... Hawwiin nama jabduudha. Qabeenya warra Tolaa haala gaariin cimsitee hojjachiisuudhaan jiruuf harka otoo hin kennatin harka kennachiiftee jiraachaa jirti. **Jabduu durba gubbaan dhiiraa!** Tolaan hoomaa waraanaa keessatti maatii isaa yaaduu irraa kan ka'e baay'ee dhebote isaan arguudhaaf. Ijoolleen too akkamitti abbaa malee, guddatti jechuun hiree waliin waan wal dhaanu fakkaata. Innis waggaa 17 mootummaa Dargiif tajaajilee jira.

Mootummaan Dargiis humni isaa adeemsa keessa dadhabaa dhufeera. Tolaan maatii ofii yaadeera isaan arguudhaaf akkamiin bahee deemu laata. Dhaabni Adda Bilisummaa Oromoo yeroo san bosona jiran. Tolaan mootummaa Dargii keessatti gahee olaanaa qaba. Adda Bilisummaa Oromoo qaama mootummaa Dargii keessaa Tolaa waliin walitti dhufeenya uumaa dhufe. Tolaan odeeffannoo chaartara keessaa tooftaa baay'ee uumaafii ture. Odeefannoo jabaas kennaafi ture. Tolaan mootummaan Dargiin injifatamnaan innis dhaaba Adda Bilisummaa Oromootti makame. Mootummaan Adda bilisa baasaa uummata Tigraay dhaaba Adda bilisummaa Oromoo irratti dhiibbaa cimaa, hayyoota dhabamsiisu, hidhuu, ajjeesuu fa'a ture. Adda bilisa baasaa uumatni Tigraay dararaa hamaa akka kanaa raawwannaan Tolaan fa’a gara Godina Arsii Aanaa Gololchaa ganda Dhummuuggaa jedhamtutti baqatanii bosonatti galan. Dhaabni mootummaa Wayyaanee ammas dhaaba Adda bilisummaa Oromoo kana hacuucuu hin dhiifne. Kaan ajjeesaa, kaan hidhaa, kaan dhabamsiisaa turan. Dhaabni Adda bilisummaa Oromoo dararaan itti hammaannaan biyyaa bahuuf dirqame. Tolaanis aggaammiin ajjeechaa irratti raawwatamuudhaaf yaalamnaan dhokatee gara biyya itti dhalateetti deebi'e. Tolaanis bakka jiruu dhookachuudhaan gara magaalaa Asallaa imala isaa itti kute. Konkolaataan guuttachaa jiru, magaalaa Asallaa irraa gara

naannawa itti dhalate Araaxaa deemu argatee yaabbate. Erga yaabbate booda naannawa mana isaatti dhiyaannaan konkolaataa irraa bu'ee maatii isaa bira gahe. Yeroo kana haati Obsee Hawwiin maanguddoo ta’aniiru umrii isaanii malee, sababni maali laata? Yaaddoma Tolaa yoom argu jedhu fakkaata. Tolaan argee reebbatee nagaa gaafate. Hawwiinis rifachuudhaan argitee irratti lafa dhooftee nagaa gaafatte. Innis akkam jirta? Ijoolleen tiyya hoo guddatte moo jedheen? Hawwiinis eeyyen guddataniiru nagaa qabu jettee gara alaa baatee Obsee, Obsee jechuun lallabdee waamte. Obseenis mana ollaa jirtiiyyu wayta san sagalee waamichaa akkuma dhageesseen owwaattee dhufte. Abbaanis argee baay’ee nahe. Itti guddatteetti, itti jijjiiramteetti. Intala too akkam jirta jechuun ofitti qabee dhungatee nagaa gaafate. Isheenis abbaa koo jechuun itti maramtee nagaa gaafate.

Tolaa: Dammeen hoo? jechuun gaafate.

Hawwii: Isheen yeroo daa’imummaa haadha too biratti guddatte Finfinnee jirti jetteen.

Tolaa: Haati tee yoom galtee biyya alaatii? jechuun gaafate.

Hawwii: Akkuma ati nu biraa deemteen haati koos waggaa tokko turtee dhufte amma Finfinnee tti bultii ijaarrattee qabdi jetteen.

Tolaa: Hayyee haa ta’u gaaf tokko arguun koo hin oolu intala to jedheen. Hawwiinis gara haadhaa bilbiluudhaan intala ishee Dammee dubiste. Dammee too abbaan kee dhufeera ni argitaa koottu mee jetteen. Dammeenis dhufuu dirqamtee dhufte. Wal arganii abbaanis hammatee nagaa gaafate. Dammeenis bubultee guyyaa muraasa booda barnootas baratti waan ta’eef gara akka'oo ishee biratti deebite. Tolaa, Hawwii, intala isaanii Obsee jedhanii jiruu isaanii, jiraachuutti fufan... Obbo Tolaan nama safuu, duudhaa, aadaan baranii guddatanii dha. Nama yeroo dheeraaf dirree hoomaa waraanaa keessa turanii dha. Isaanis nama kabajamaa dha. Nama jaalatamaadhas. Isaan nama dandeettii nama amansiisuu waan qabaniif biyya wal dhabde, karaa waraanaatin osoo hin ta’in karaa nagaatiin araarsaa turan. Gara biyyaa erga deebi’anii booda gosa wal dhabe yeroo dheeraaf walitti mufatan araarsuun beekkamu. Obbo Tolaan iddoo waraanaatti waggaa tokkoof biyya ollaa Itoophiyaa Suudaan hojjateera; dhimma nageenya waraanaatiif. Nagaa eegsisuudhaaf achi ergame achi dhaqee hojii eegale. Achi irrratti innis carraa isa dhaqqabe warshaa Suudaan keessatti beekkamaa ta’ee warshaa wanti hunduu itti oomishamu sana eegumsaan tajaajilaa ture.

Otuu eegumsarra jiru dhibee sombaan qabame; baay'ee dhibame. Hoospitaala achi jirus deemee ture. Yaala argatus wayta saniif fayyee ture. Erga gara biyyaa gale qilleensi itti jijjiramnaan dhibame. Mana yaalaas dhaqe sombi isaa baay’ee miidhameera. Sababni yeroo Suudaanitti warshaa sana eeguu san aarri warshaa sana keessaa gara alaa bahu somba isaa irratti dhiibbaa hamaa geessiseera. Maarree dhibeen itti hammaannaan mana yaalaas yeroo hedduuf deddeebi’aa ture. Falas argachuu hin dandeenye. Duutis waan simatuuf qophoofte fakkaatti. Otuma dhukkubsatan dhibee sombaatiin addunyaa kanarraa du’aan boqatan. Haati Obsee fi Obseen isa yaaluuf jecha balbala baay’ee seenaniiru. Cichanii yaalaa turan. Loon qaban, qabeenya qaban itti gurgurachaa yaalaa turanis. Qabeenyi lubbuu isaa oolchuu hin dandeenye. Hawaasnis baay’ee gaddeera. Dammeenis du’a abbaa dhageessee, gaddaan haguugamtee sirna awwaalaa irratti argamuudhaaf dirqamte. Hawaasnis sirna hoo’aa ta’een, sirna kabajaa qabuun aadaa qabaniin geerraraa, sirna gaariin awwaalcha raawwatan. Maatiin isaas gadda cimaa keessa gale. Dammeen barnootaan baay’ee cimtuudha. Dammeen carraa barnoota biyya alaa dorgomtee turte darbiteetti.

Ni bilbilameef guyyaan ati deemtu dhiyaateera koottu jedhamte. Isheenis haadhaaf obboleetiitti nagaa dhaammattee, akka'oo biratti guddattes dhaqxee nagaa dhaammattee biyya alaa deemte. Biyyi isheen deemte Loosaanjalas Ameerikaa keessa dha. Haati Obsee Hawwiin gadduudhaan seenaa Tolaa wajjiin dabarsite yaadachaa, mararfachaa haala kanaan ibsatte. **"Tolaa koo jaalalaan na sakaalte. Na sakaaluu qofaa ree, jaalala onneerraa naaf laatteetta. Obsaaf hiika laachuun jaalalaan na boojitee, na moo'atte. Aarsaa jabaa biyyaaf kennite. Seenaa qabda ati seenaan si yaadata. Jiruu qofaa miti du'aanis kabaja argatte. Diina nu dhaaluuf dhufe ariitee biyyaa baafte. Aadaa, safuu, duudhaa, haala jiruuf jireenyaa dhaloota dhaalchifte. Jaalalaaf waliin jireenya hawaasa barsiifte. Otuu kabaja hawaasaaf laattu addunyaa irra jiraatanirraa du'aan addunyaa kanarraa boqatte. Jannata argadhu jechuun"** haala kanaan bifa boo'ichaatiin ibsatte. Gadditee otuu boossu ala teessi kophaa ishee.

Intalli ishee: harmee too obsi wanti hunduu hin darbaa jettee isheenis wajjiin gaddaa gara manaa ol seensifte. Guyyaan gaddaa sunis darbeera. Barii gaaf tokko ganama subii Obsee kadhaa dhufan. Maanguddoonni dargaggoo Jimaa Gammadaatiif intala subboo qarree bareedduu tana.

Haati Obsee Hawwiin maanguddoota Obsee kadhaa dhufaniif erga kadhaa intala isheetiif dhufan beekte booda torban lamaan har'aatti beellamteef. Maanguddoota biyyaa waliin mari’attee Maanguddoonnis mari’atani, qoratanii, erga beekaniin booda Obsee intala isaanii Ilma isaaniitiif kennaniif. Hawwiin waan kophaa taate fakkaatti. Way jireenya kophaa. Ji'oonnis daddarbaa dhufan. Haati Obsee dhukubsatteetti. Dhibeenis Hawwii baay’ee hin tursiifne, lubbuun ishee foonitti nagaa dhaammatte. Isheenis du’aan addunyaa kanarraa boqatte. Obseen naannawa sanitti heerumte. Yeroo Obseen dhageessee bira geessu. Haati Obsee Hawwiin dur bakka ishee geesse. Imalasheef gaabbiin itti dhaga’ame waan hin turreef murtee isheetti boontee maatii isheetti garaa jabaachuudhaan achumaan hafte. Obseen baay’ee gaddite. Dammeen intalli isaanii barnoota biyya alaatti baratti. Oggummaan ishees **laabraatoorii fayyaati.** Barnoota ishee xumuurtee gara qorannoo waan dhiyaatteef yuuniivarsitiin isheen barattu biyya Itiyoophiyaa biyya itti dhalattetti qorannoo waggaa sadihiif akka isheen gaggeesitu dirqamsiise. Dammeenis tole jette. Xiyyaara gara biyyaa yaabbachuudhaaf paaspoortii kaardii ishee baafatte. Yeroo kana biyyaa keessaa bilbilameef.

Dammeenis bilbilicha kaaftee "Helo eenyu haa jedhu" jetteen.

Biyya irraa sii bilbilla jedhaniin.

Dammee: Maali rakkoon? jetteen. Haati tee hoospitaala keessa rakkoo hamaa keessa jirti jechuun, ishee duute akka jirtu fakkeesanii itti himan. Akka isheen hin rifanneef jecha. Dammeenis duraa qoranichaaf dhufaa jirti. Gara biyyaa dhufte. Yammuu dhageessu haati ishee Hawwiin duuteetti. Dammeenis baay'ee rifattee gadda cimaa keessa galte. Hawaasni naannawa saniis bahuudhaan firri aadde Hawwiis bahuudhaan Dammeenis, Obseenis, hundi isaanii sirna awwaalchaa raawwatan. Obseenis gaddaan dabarsaa **"kan du'etu badaa, kan jirutu wal arga** " jedhama mitiiree. Obsuudhaan jiruu ishee itti fufte.. Dammeenis gaddaan dabarsaa obsuudhaan hojii ajajamte hoospitaala guddicha magaalaa Asallaa irratti qorannoo adeemsisuu eegalte. Abbaan horraa Obsee Jimaa Gammadaa kan jedhamu qabeenya maatii warra Obsee dhaaluudhaan Obsee faana jireenya jiraachuu eegale. Jimaanis Obseerraa ijoollee lakkuu uumate. Obseenis ijoollee lakkuu deesse inni tokko dhiira, isheen lammataa durba deesse. Ijoolleen dhalatte waggaa wayta geessu jalaa akka malee dhukkubsatte. Jimaaf Obseenis ijoollee qabatanii mana yaalaa naannawa jiraatan san jirutti geessan.

Manni yaalaas dhukkubicha daa'imman kanaa waan dadhabe fakkaata. Riferii gara hoospitaala magaalaa Asallaatti barreesseef. Jimaaf Obseenis gara hoospitaala magaalaa Asallaa daa'imman isaanii qabatanii deeman. Dammeen achi keessa qorannoodhaaf hojii hojjatti. Dammeenis hoospitaala keessatti isaan agartee bira dhaquudhaan

Dammee: Akkam jirta Obsee maal taatan, rakkoon maali? tun ijoollee teetii? Isaan hoo abbaa warraa keeti? jechuun gaafatte. Obsee: Eeyyen inni abbaa warraa kooti dha. Ijoolleenis tiyya xiqqoo na jalaa dhukkubee hoospitaala kana fidee dhufe bar jetteen. Dammee: Akkam dhukkube, dura mana yaalaa naannawa keessan jiru fiddaniittuu?

Obee: Eeyyeen fidnee turre riiferii nuuf barreessan gara kana jetteen. Dammeenis gargaartee daa’ima ishee lamaanuu yaalchiftee fi gara biyyaa gaggeesite. Ijoolleen lamaanuu adeemsa keessa fayyaniiru. Maqaanis baheefi jira. Inni dhiiraa Jafaar Jimaa, isheen durbaa Ayyaantuu Jimaa jedhaniinii moggasaniif. Barri bararraa, jiini ji'arraa, torbeen torbeerraa, guyyaan guyyaarraa darbaa dhufee as gahe. Dammeenis qoranicha hoospitaala magaalaa Asallaatii xumuurtee, gara biyya alaa deebi’uudhaaf obboleettii tiyyatti nagaa dhaammadha jechuun obboleetti ishee bira deemte.

Bira geessee akkas jetteen “Obsee too ijoollee lamaan keessaa dhiira kana naaf kenni? sii haa baratu, nan barsiisaa jetteen. Obseenis Jimaa waliin mari’attee tole jedhanii kennaniif. Jafaar mucaa waggaa sadii ta’eera. Adeemsa gara biyya alaa (viizaa) jedhamu san erga xumuratte booda nagaa dhaammattee, mucaa qabattee gara biyyaa alaa deemte. Obsee fi Jimaan Ayyaantuu guddisaa jireenya isaanii haala gaariin itti fufan... Dammeenis biyya alaatti hojii ishee dur hojjattu eegalte. Mucaa obboleettii ishee isa dhiiraa Jafaar guddisutti fufte... Ollaan Dammeen waliin jiraattu mucicha maqaa gaafatan. Dammeenis Jafaar jedhama jetteen. Ollichis maqaa isaa Jafaar kan ture kana hin jaalanneef. Kan fedha isaanii **Johon** jechuun moggasaniif. Mucichi guddatee waggaa jaha yammuu ta’u mana barnoota gale. Adaadaan isaa ni galmeessite. Maqaan isaa eenyuu? jedhanii barsiisonni galmee gaafatan. isheenis Johon Jimaa jetteen. Barsiisichi ni galmeesse. Dammeen achi deemnaan “**what is Jimaa”** Jimaan maali? jechuun of gaafata. Silaa maqaan mucaa Johon beekkamaa dha. Kan abbaa hoo maal jechuudha? jechuun ajaa’ibsifate. Guddinuma keessa Johon barataa kutaa 5 gaheera. Johon aadaa biyya ormaa dhaale fakkaata. Erga of beekeen booda adaadaa isaa waan hedduu gaafachuu eegale. Dammeenis itti himti waan inni gaafate. Adaadaa too maqaan abbaa kiyyaa kun maal jechuu dha ? jedhaa gaafata.

Isheenis Jimaa jechuun akka afaan Oromootti **Baala** jechuu dha. Baala keessaas baala caatii dha. Kan namni qama'u saniidha. Jettee itti himti. Oromoon maqaa yammuu namaa moggaasu haala ilaalaa namaa moggaasa. Fkn durba yammuu taate wayta galgala dhalatte Galgalee siin jedhu. Akkasumas wayta ganama dhalatte Ganamee, wayta saafa'a dhalatte Saafa'ee, jedhanii namaaf moggaasu. Yammuu dhiira ta'e immoo guyyaa wayta dhalate immoo Guyyoo, wayta galgala dhalate immoo Galgaloo fi k.k fakkaatan jedhanii moggaasu. Johonis sinsinnaa'uu eegale. Maqaa abbaa isaa kanas jibbuus eegale. Yoom gaafiin kana qofa re ammas ittuma fufe..... Adaadaa too maqaan kee hoo maal jechuu? jedhee gaafate. Isheenis Dammee jechuun ani yeroo daa'imummaa damma naan jedhaa turan. Maatiin koo kanaaf barnoota yammuun galu Dammee Tolaa jedhame. Hawaasni naannawa biyya alaa isaan jiraatanii maqaa isaanii hamma abbaatti irraa jijjiiruudhaan kan ofii isaanii moggaasaniif. Damma jechuun **(Honey)** waan jedhamuuf Dammeedhaan **Haanii** jedhanii moggaasaniif. Kan ishee qofaa miti. Maqaa abbaa ishee Tolaa kan ture **Tool** jedhanii moggaasaniif. Tool jechuun meeshaa jechuudha. Isaanis lafattii miti kan maqaa kanniin moggaasaniif Dammeen yeroo baay'ee meeshaa damma itti gurguran tokko qabattee deemti.

Saniif moggaasaniif maqaa ishee Dammee Tolaa kan jedhamtu gara **Haanii Tool** tti jijjiiraniif kanaaf akkas jechuun waamamti (**Haniitool)** Yoom isa qofa re ollaanis, hawaasni naannawaas Dammee Tolaa **(Haniitool)** jechuun waamuu eegalan. Jechuma Dammee jedhuu kana irraanfatan fakkaatu. Ammas maqaa abbaa Johon kana akkamiin jijjiiru laata. Amala Johon keessaa inni yeroo baay'ee tapha ispoortii jaallata. Haaniitool akka haadha tti ilaala. Hin deenne malee ni guddiste. Ni jaalata, ni kabajas. Innis gosa Ispoortii sibiila baay'ee ulfaatu tokko isa Daanpilii ykn Giimii jedhamuun beekkamu san leenji'aa ture. Yeroo boqonnaa isaa dalaga. Johon barataa cimaadhas. Barsiistonnis barattoonnis baay'ee jaallatu. Johon sababa ispoortii kanaatiin jijjiirama qaamaa sirritti agarsiisaa ture. Haala kanaan ispoortii isaa cimsaa, barnoota isaa cimsaa itti fufe... Guyyaan Kamisa dha. Qormaata biyyaalessa biyya sanaa kutaa 8ffaa fudhachuudhaaf guyyaan 3 tu isaaniif hafa. Barattoonni fi barsiistonnis yeroo dheeraaf maqaa abbaa isaa qeeqaa turan. Amma akka inni jijjiratu isa gorsaa itti himan.

Johonis rakkoon tokkos hin jiru naaf moggaasaa jedheen. Maqaa isaa Johon jaallataniiru. Kan abbaa kanatu dugda itti gale fakkaata. Maqaa abbaa isaas inni yeroo baay'ee gosa ispoortii ulfaatinaa Giimii waan kaasuuf **(Johon Jeam)** Jechuun moggasaniif. Innis tole jechuun fudhateera. Innis maqaa isaa Johon Jiim Jechuun adeemsa qormaata (foormii) ittiin fudhatan sana guute. Johonis mana barumsa sadarkaa tokkooffaatii qabxii olaanaa fiduun gara mana barnoota sadarkaa lammaaffaatti darbe.

BOQONNAA TORBA

Yaa hiree barnootaa Ayyaantuullee ofitti simatteetta. Ayyaantuunis barnoota galte. Jimaa fi Obseen intala isaanii Ayyaantuu mana barnoota galchan. Ayyaantuun yeroo mana barnoota galtu waggaan ishee 13 hin ta'a. Yeroo san durbi akka barattu hin jajjabeefamtu ture. Garuu jechi ykn gochi wal qixxummaa jedhu babal'achaa dhufnaan durbis carraa barnoota argatte. Ayyaantuun mana barumsa sadarkaa 1ffaa Araaxaa Cufaa jedhamutti barnoota ishee eegalte. Isheenis barnootaan cimtuu dha. Maatiin ishee akka ogummaa fayyaa barattu barbaadu. Isheenis barnootatti cimtee itti fufte... Johon Jiim bakka jiru sanatti barnoota qophaa'inaa xumuruudhaan qabxii olaanaa damee saayinsii uummamaatiin galmeesisuun gara yuuniversiitii biyyattii ergame. Barnoota fayyaa meedisinii barachuu eegale... Erga yuuniversiitii adeemeen booda adaadaan isaa akka haadhatti guddifte bultii godhachuuf asi fi achi fiigdi. Nama lammiin isaa faranjii maqaan isaa (Muller) Muuler waliin bultii ijaaratte. Otoo jiruu isaanii wal faana jiraataa jiran gaaf tokko wal dhaban. Namichi ishee fuudhe Muuler Dammee baay'ee rakkisa. Gargar bahuudhaaf qabeenya waliin qabu. Dammeen baay'ee rakkatte fakkaatti. Gaaf tokko namichi hamaan kun albee qara qabuun waraana jechuun haala mijeefate.

Dammeenis haa isii rakkisu malee, akka inni gocha hamaa kana fakkaatu irratti raawwatuuf adeemu hin shakkine turte. Johon akka isiin bulti qabdu hin beeku. Innis boqonnaadhaaf gara adaadaa isaa bira dhufe. Dhufee manatti wayta dhiyaatu, namichi Dammee gocha suukanneessaa irratti raawwachuudhaaf yaalaa jira. Dammeenis rifachuudhaan dafqi irraa yaa'aa jira. Al tokko sagalee dhageesistee iyyite. **Uu Uu Uu** jedhaa itti hammeesite. Iyya dhagahee Johon fiigaa dhufe. Yeroo inni mooraa ol seenu namichi rifachuudhaan albee achumatti dhiisee fiigee balbala seensaa dhiisee balbala isa duubaatiin bahe. Johon yeroo balbala ol seenu Dammeen of wallaaltee jirti. Namichi salphataan kun Dammee hin miine malee waraaneera. Johonis Dammee ol qabee lakkoofsa bilbilaa aanbulaansiidhaaf bilbileef. Aanbulaansiinis battaluma dhuftee Dammee mana yaalaa qabattee deemte. Dammeenis erga mana yaalaa adeemte booda adeemsa keessa fayyite fakkaatti. Isheenis erga of beekte booda

Dammee: "Ilma koo akkamitti naaf qaqqabuu dandeesse ? Otuu ati naaf dhaqqabu baattee, lubbuun too foonnitti nagaa dhaammattee oolte." Jechuun Dammeenis hafuurri lubbutti kan rakkatte gadi deebiteefii hafuura guddaa tokko hafuurfatte.

Johon: Boqonnaadhaaf dhufe wayta an balbala ol seenu ati kufteetta. Sana booda konkolaataa aanbulaansii waameen mana yaalaa si

qabadheen deeme jedheen. Amma fala barbaaduu qabna jechuudhaan Dammee waliin gara qaama seeraa adeeman. Qaamni seeraas qorannoo ofii gaggeessee erga xumuureen booda ragaa qabdanii ? jechuun isaan gaafata. Dammee fi Johon maal haa jedhan re; ragaa hin qaban. Ragadha jechuuf Johon hin agarre. Gocha kana rabbuma qofatu arga. Furmaata lammaffaa gargar bahuu qofa dha. Qaamni seeraas qabeenya isaanii gargar isaanii baaseef. Dammeenis jireenya dhuunfaa ishee eegalte. Dammeen Johoniin yeroon inni gara mana barnootaa deemu geenyaan galaa gara garaa qindeessiteefii gaggeesite. Johonis gara yuunivarsitii deebi'ee barnoota isaa haala gaariin itti fufe.... Dammeenis dogongora raawwadhe jechuun ofumatti gaddite. Isheenis kutannoon ishee nama biyya ofii barbaaddee bultii godhatuu dha. Hiriyyaa Jimaa Gaaddisaa kan jedhamu biyyatti waajjira komishinii poolisii federaalaa keessa hoggantummaadhaan Finfinneetti dalaga. Innis nama cimaa dha. Jimaa ykn abbaa warraa Obsee faana daa'imummaa irraa ka'anii wal wajjiin guddatan. Jimaan achumatti hafe. Gaaddisaan fira isaa biratti magaalaatti carraa barumsaa argatee, baratee barnootaan hiree hojii argate. Obbo Gaaddisaan bultii hin qabu. Bultii ijaarachuu baay'ee barbaada. Silaa wanta miidiyaa hawaasummaa feesbuukii kanaa haasa'anii hin xumuuran. Kan faayidaa isaaf, miidhaa isaa adda baasee, beekee itti fayyadameef bu'aa guddaa buusa.

Obbo Gaaddisaanis toora amma haasofne kanaan Obsee qunname. Isaanis wal qorachuutti fufan... Gaddisaanis akka wal ta'anii bultii godhatan Dammee itti hime. Dammeenis dura kana barbaaddiimii re tole jette. Isheenis qarshii irratti ergaa akka mana ijaaratan itti himti. Innis tole jechuun maallaqa ofiis dabalee kan ishees waliin mana Finfinneetti ijaarrataa jira. Gaaddisaan waadaa nama gabroomse hin fakkaatu. Inni dhuguma “Gaaddisa”. Nama amanamaa dha. Dammeenis isa amanuudhaan qorannoo eegalte waggaa 4 booda akka xumuurtu. Achi booda akka galtu Gaaddisaatti himte. Gaddisaanis tole nagaadhumaan naaf koottu jedheen. Johon Jiim barnoota isaa yuunivarsitiidhaa xumuree hojiidhaan qacarame. Waggaa tokko erga dalage booda dhaabbanni inni itti qacarame sun qorannoodhaaf akka biyya Itiyoophiyaa deemuu ajaje. Innis ajaja kana fudhachuudhaan gara biyya Itiyoophiyaa deeme. Johonis hoospitaala Finfinnee **Xuqur Anbassa** jedhame waammamu sanitti qorannoo isaa eegale. Qorannoon inni eegale dhimma wal'aansa kalee irratti dha. Achumaan propozaalaa qabu galfatee, hojiidhaanis tajaajiluu eegale. Johon gocha hammeenya dalaga. Kalee nama irraa dhoksaadhaan seeraan alaa baasaa gara biyya alaatti dhoksaadhaan dhaabbata irraa dhufeef erga.

Konkolaataadhaan halkan dawoo godhatee magaalaa keessa imalaa, socho'aa kalee namaa nama keessaa baasaa doolaaraan gurgurata. Innis gocha kana irra deddebi’aa raawwata. Kana raawwachuu isaa haalaan cimsee itti fufeera... Ayyaantuun barattuu koollejjiiti. Isheenis barattu cimtuudha. Barnoota kutaa 1 kaaftee hanga kutaa 8ti maatii ishee biratti baratte. Intala kaayyoo qabduudha. Ayyaantuun qabxii barnoota kutaa 8 qormaata biyyoolessaa qabxii olaanaa fiduun badhaafamteetti. Maatiin ishee qo’annaadhaaf yeroo gahaa kennuuf. Kutaa **9 fi 10** immoo yeroo sana manni barumsaa sadarkaa lammaffaa hin banamne naannawa isheen dhalatetti. Maatiiniis gara magaalaa Asallaatti barumsa ishee akka itti fuftu taasisan. Ayyaantuunis barnoota kutaa 10 erga xumuurteen booda qabxii kutaa 10ffaa bu'aa ishee **3.6** fidde. Isheenis barnoota qophaa’inatti fufte. Gaafa kutaa 11 barattu barsiisaan tokko inni maqaan isaa Seefaa Usmaan jedhamu baay'ee ishee rakkisa. Barsiisaan kun dhugumaan jaalateera. Yeroo baay'ee kophaa ishee dhaabee haasofsiisuuf ishee dirqa. Ayyaantuun waan akka kanaa kana hin feetu. Barattoonni baay’een ishee qeequ; baay'ee ishee rakkisu. Ayyaantuun qeeqni itti hammaatee jennaan, ijji mana barnoota sanii isheema irratti xiyyeefate fakkaata.

Ayyaantuuf manni barnootaa qophaa’inaa kun walii hin galle waan ta'eef barnoonni isheef mijataa hin jiru. Giddumaan koollejjiin fayyaa damee Narsiitiin beeksisa baasee jennaan dorgomtee darbite. Barsiisaan ishee jaalate sun Ayyaantuun barnoota keessaa baate jechuudhaan innis samoonuma san gara magaalaa Finfinnee jijjiirraa argate. Ayyaantuun hiree mana barnoota qophaa’inaa dhabde malee, hiree kaayyoo ishee dhaabsisu hin dhabne. Ayyaantuunis Koollejjii Fayyaa Cilaalootti ogummaa ishee leenji'uu waggaa jalqabaa eegaltetti. Koollejjiin kun haala gaariin ishee simateera. Isheenis magaalaa Asallaatti mana kireefachuudhaan maatii biraa adda baatee jiraatti. Guyyaa Sanbataa fi Dilbataa maatii biraa deddebiti. Guyyaan Sanbata dha. Sanbatni har'aa kun maal qabatee ce'a laata gara Dilbataatti. Haati Ayyaantuu Obseen dhukkubsataa turtee jirti. Kan guyyaa Sanbataa kun baay'ee itti hammaateera. Obseen ijoollee 4 qabdi. Afur keessaa tokko Johon isheen lammataa Ayyaantuu dha. Lamaan hafan keessaa isheen durbaa takka Feeneet jedhamti waggaa 14 dha. Inni dhiiraa xiqqaadha Firaa’ol jedhama waggaa 6 dha. Obsee dhukkubni itti hammaannaan Jimaa fi Ayyaantuun qabatanii buufata fayyaa Ganda Araaxaa cufaatti geessan. Buufannis bu’aa dhukkubichaa kana arguudhaan akka hin dandeenye isaaniif hime. Ogeeyyiin fayyaa riifarii gara hoospitaala magaalaa Asallaatti barreesaniif.

Aanbulaansiis waamaniif. Jimaanis Gaaddisaaf bilbile. Akkam Gaaddisaa jirtaa haadha manaa too dhukkubsattee gara hoospitaalaa deemaanii jira jedhee itti hime. Hiriyyaa baay'ee wal jaallatan waan ta’aniif.

Gaaddisaa: Akkam ati ? maal taate haati warraa kee qabadhuutii koottu yoon naaf mijaa’a ta'ee Finfinnee irraa gara magaalaa Asallaa dhufaa jechuun abdii itti hore. Jimaanis Ayyaantuutti maatii jiran dhiisee, Obsee qabatee gara hoospitaala guddicha magaalaa Asallaatiin deeme. Hoospitaala magaalaa Asallaa wayta yoo gahu ogeeyyiin fayyaa Obsee ilaaluudhaan gara hoospitaala Finfinnee qabatee akka deemu itti himan. Jimaan maali kana hunda? jedhee ogeeyyii fayyaa gaafate. Ogeeyyiin fayyaas akkas jedhaniin **Kaleen ishee tokko hojii dhaabeera.** Kanaaf kaleen hojii dhaabde sun akka yaalamtu ykn akka jijjiramuuf ykn akka keessaa bahu jedhaniin”.

Jimaanis wanti dhagahee kun bitaa itti gale fakkaata. Gaaddisaaf bilbile. Helo Gaaddisaa hoospitaalli gara Finfinnee na ajaje maal godhu jedhee isaan mari'ate. Gaaddisaanis dura gara magaalaa Asallaa dhufuuf deemaayyu. Amma mijateef fakkaata.

Qabadhuutii koottu jedheen. Jimaanis yeroo dargaggummaa isaa Finfinnee keessa ji'a jahaaf(6) hojii gara garaa dalagaa ture. Finfinneen isaaf haaraa miti. Jimaanis qabatee gara hoospitaala Xuqur Anbassaa san qabatee dhaqe. Guyyaan Wiiqxata ganama. Ogeeyyiin fayyaa Obsee ciibsanii gulukoosii itti hidhan. Waaree booda yaala akka dalaganiif itti himan. Jimaanis waan beela'e fakkaata. Obseen bulukoosii fayyadamaa jirti. Jimaan nyaata nyaadheen hatattamaan deebi'a jechuun gara alaa bahe. Hoospitaalaan ala jechuu kooti. Gaaddisaan hojiin hatattamaa waan qabuuf "eeyyamsiifadhee" deebi'ee gara hoospitaalaa deema kan jedhu murteesse. Dr Johon nama yeroo baay'eef safuu dalagaa turee dha. Dr Johon Jiim garee qaba. Ijoolleen ogeessa fayyaa barnoota shaakala irra jiran baay'inaan shan kan ta'an. Dr Johon akkas jechuun barattoota kanniin ajaje. **"Dhibamtuun haaraa seente takka ni jirti kophaa ishee mana ciisichaa keessa jirti. Amma tana hatattamaan kalee ishee keessaa akka baaftan jedhee** Ajaja itti himee akka raawwatan ajaje. Barattoonnis gocha ajajamte raawwatuudhaaf itti fufte... Dr Johon Jiim yeroo baay'ee safuu dalagaa ture. Har'a immoo **haadha isa deesse** irratti gocha gara jabeenyaa dalaguuf jira. Barattoonnis battaluma seenanii kalee haadha Dr Johon Obsee keessaa baasan.

Akkuma baasaniin Dr Johon Jiim tti kennan. Wanti nama sinsinneessu kalee takka qaama namaa keessaa wayta baasan adeemsaan, sirnaan of eeggannoo cimsaa nama keessaa baasu. Ijoolleen ogeeyyii fayyaa shaakalarra jirtu kalee haadha Dr Johon hatattamaan qaamni ishee irratti dhiibbaa gaggeessaa kalee ishee keessaa baasan. Dr Johon kalee barattoota irraa fudhatee wayta gara alaa baha jedhu, namni ogummaa qulqulleessummaan muuxannoo dheeraa kan qabu, nama maqaan isaa Obsaa Kaliil jedhamu gocha Dr Johon kana yeroo hedduu argaa, taajjabaa ture. Obsi daangaa qaba. Obsaan Dr Johonitti utaalee itti marame akka inni hin deemne isa dhoowwe. Sagalee ol kaasee iyyaa hojjattoota achi keessa jiran yaase. Maaltu uummame laata? jechuu namoonni baay'ee walitti sassaabaman. Obsaanis kalee hawaasa keenya keessaa baafataa, gurguratаa ture. Har'a immoo dhukubsattuu haaraa seente takka irraa kalee fudhatee bahuuf yaalaa jira jedheen. Ogeeyyiin fayyaa muraasni gara mana ciisichaa Obseen jirtu bira saffisaan adeeman. Ishee bira akkuma gahaniin isheen of wallaaltee jirti. Dhiigni qaama ishee irraan baay'ee dhangala'aa jira. Ogeeyyiin fayyaa deeggarsa godhaniif. Hojjattoonni muraasni Dr Johon Jiim to'annaa jala oolchina otuu jedhan. Gaaddisaan hojii eeyyamsiifatee gara hoospitaalaa dhufe.

Yeroo gara hoospitaalaa dhufu Dr Johon Jiim namoonni isa qaban argee maali? jedhee gaafate. Namoonni qabanis gocha inni raawwate kana akkasumas gocha inni kanaan dura dalagaa ture itti himan. Gaaddisaanis qaama seeraa ta'uu isaa hubachiisee Dr Johoniin to'annaa jala oolche. Jimaanis laaqana nyaatee gara hoospitaalaa yammuu ga'u ogeeyyiin fayyaa yaalaa jiran. Obseen baay'ee miidhamteetti. Jimaanis rifachuudhaan maal taate? jechuun ogeeyyii fayyaa gaafate. Ogeeyyiin fayyaas akkas jedhaniin. "Ati eessa biraa deemte haadha warraa kee kan akka ilmoo bineensaa irratti taphataa shaakalan jedhaniin." Jimaanis maaltu uummame Obseen nagaa mitii jedheen. Jimaanis iccitii raawwatame hunda dhagahee baay'ee gadde. Ogeeyyiin fayyaas amma daqiiqaa 20f ala nuuf turi jedhaniin. Innis hayyee jedhee gara alaa bahe. Gaaddisaan Dr Johoniin to'annaa jala oolchee gara hoospitaalaa deebi'e. Hoospitaala wayta seenu fagoodhaa ilaalee Jimaa ta'uu isaa argee bira gahe.

Gaaddisaa: Akkam jirta?

Jimaa: Jirra ati akkam?

Gaaddisaa: Dhiifama hin turee mii obseen maal irraa geesse jedheen?

Jimaa: Yaalamaa jirti. Iccitii irratti raawwatamee hunda isaa itti hime.

Gaaddisaa: Silaayyuu ati biraa eessa deemte jedheen?

Jimaa: Baay'ee beelofnaan biraa laaqana nyaachuudhaaf deeme jedheen.

Gaaddisaa: Gaddeetiin Jimaa isa haadha manaa kee irratti badii raawwate san anatu to'annaa jala oolche bar jedheen.

Jimaa: To'annaa jala oolee? dhugaa jedhii mee?

Gaaddisaa: Dhugaa jedheen.

Jimaa: Akka gammaduu ta'a. Eenyudha jedhees hin iyyaafanne.

Gaaddisaa: Beenu mee amma obsee waanta isheen irra geesse ilaallaa jedheen.

Jimaa: Hayyee daqiiqaan naaf kenname xumuuramteetti jechaa isaan lamaanuu gara mana Obseen ciiftuu bira deeman.

BOQONNAA SADDEET

Dr Cimdeessaa jedhamee kan waamamu, kan Obseedhaaf yaala taasisaa jiruu dha. Ispeeshaalistii qaama kaleeti. Qaama kalee irratti doktoreetii isaa hojjate. Dr Cimdeessaan yeroo gara alaa bahuuf jedhu Gaaddisaaf Jimaan arganii nagaa gaafachuudhaan akkam Doktar bu'aan maal fakkaata. Obseen maal irra geesseetti jedhaniin. Dr Cimdeessaan hayyee ni dubbannaa gara biiroo kootii koottaa jedheen. Isaanis ni deeman.

Dr Cimdeessaan: "Amma Obseen fayyaa irratti argamti garuu hojii ulfaataa akka isheen hin hojjannee fi bishaan qulqulluu ta'e akka dhugdu, akka fayyadamtu itti himee gorsa laatef. Isaanis doktar haalaan yaalli taasifameefi jiraa jedhanii gaafatan.

Dr Cimdeessaan: Kaleen Obsee takka fayyaadha. Isheen hojii dhaabde sun barattoota shaakalantu kalee fayyaa itti fakkaattee kalee hojii dhaabde san keessaa baasan. **Dogongoraan akka qorannoon agarsiisuutti jedheen**. Gaaddisaa fi Jimaan ija keessa wal ilaalaa baay'ee gammadan.

Dr Cimdeessaa: Barattoonni saffisaan yeroo kalee baasan qaama ishee tatarsaasan malee, homaa hin taane hodhameefiis jira. Yaala gahaa argatteetti; amma fayyaa dha. Deemtanii ilaaluu dandeessuu jedheen. Isaanis deemanii ilaalan. Obseen of hin beekne.

Yeroo muraasa booda akka of beektu doktar Cimdeessaan Jimaa fa'atti itti himeera. Dabalataan Dr Cimdeessaan Guyyaa lama booda akka dandamattu ykn akka qabatanii gara manaa akka galaniin isaan hubachiise. Isaanis hayyee jedhaniin. Obseenis fayyitee Jimaan qabatee gara biyyaa galeen. Gaddisaanis isaan gaggeessee, qarshiis kenneefi gara hojii isaa deeme. Dr Johon dura hawaasa ofii irratti safuu dalagaa ture. Har'a immoo haadha isa deesse irratti safuu dalage. Gocha raawwataa ture saniif Dr Johon mana seeraatti keeyyataan adabameera. Hidhaaf qarshiinis dabalatee, manni murtiis adabbii qarshii 200,000 (kuma dhibba lama) fi hidhaa waggaa afuriitiin adabeera. Dr Johon qofa osoo hin taane hidhamaan lammataa hojii mootummaa keessatti lafa ummataa saamuudhaan malaamaltummaa dalage jedhamee hidhaa waggaa shaniitiin adabameera. Adabamaa biraa maqaan isaa Magarsaa Lammeessaa jedhama. Dr Johon fi Magarsaan mana hidhaa keessatti wal baran. Dr Johon waggaa lama keessatti Afaan Oromoo Magarsaa irraa barateera. Gaaf tokko carraa lakkoofsa bilbilaa namaaf bilbiluu argate. Innis kallattimaan gara adaadaa isa guddifteetti bilbilate.

Dr Johon: Helo Haanitool akkam jirta? rakkoo wayiitu na muudate jedheen.

Sababa rakkoo kanaaf akka hidhamu taasifame natti murtaa'ee jedhee adaadaa isaatti dubbii tana gurra buusa. Dammeenis rifachuudhaan maal, maal jechaa jirta jechuun otuu dubbii hin hubatin gara Gaaddisaa hatattamaan bilbilte.

Dammee: Helo Gaaddisaa mucaa guddise tokko na jalaa hidhan. Kan ogeessa fayyaa dhaa jetteen.

Gaaddisaanis: Dr Johon moo jedheen.

Dammee: Eeyyen jetteen.

Gaaddisaa: Si gargaaruu hin danda'u; waggaa sadi adabameera waggaa tokko qofatu hafeef haa xumuuratu jedheen.

Dammeenis: Maal Gaaddisaa maal jechuu keeti kana hunda balleessaan isaa maali jetteen.

Gaaddisaa: Kun bulmaata seeraati. Bar gocha suukanneessaa raawwate jedheen.

Dammeenis: Gocha maalii jettee gaafatte. Innis iccitii jiru hundaa jalqabaa hanga dhumaatti itti hime.

Dammeenis hubatteetti fakkaatti. Qorannoo eegalte xumuurudhaan gara biyyaa Itiyoopiyaa dhufte.

Dammeenis erga biyya galte booda Gaaddisaan wal argan. Hoteela Iskaaylaayit Finfinnee keessa jiru sana mana ciisichaa qabatan. Innis iccitii Dr Johon kana itti hime. Isheenis badiirraa haa baratuu jechuun adabbii isaa haa xumuratu jetteen. Guyyaa waliin bashananaa oolanii gara mana ciisicha qabatan san deemanii bulan. Bari'ee ganama ta'eera. Isaan lachanuu Dr Johoniin gaafachuuf gara mana sirreessaa deeman. Dammeen Dr Johon agartee baay'ee rifatte. Dr Johon qananii malee kanaan dura waan rakkoo jedhamu kana waan arge hin fakkaatu. Isheen isa yammuu argitu baay'ee huqqateera. Qananiin guddate; dararaa hin beeku. Nagaa gaafatte. Innis hidhaa itti murtaa'ee adabbii isaa xumuuratee bahe. Dammeenis mana Gaaddisaan ijaareefii qopheessee isheen eege sana agarte. Gaaddisaanis waadaa walii galan sana cimsee eegeera. Mana ijaarametti hundii isaanii itti galan. Dr Johoniis Haanii dhaan akkas jedhuun gaafate. Haanii inni eenyu? dur beekta moo? isaa bar kan hoospitaalatti to'annoo jala na oolche jedheen. Adaadaan isaas eeyyeen dhagaheen jira. Isatu natti himeera akka to'annoo jala si oolche. Ani yeroo biyya alaa jiru wal barre toora feesbuukiitiin amma wal arginee bultii godhachuudhaaf jettee Dr Johonitti himte.

Gaaddisaan gocha suukanneessaa ta'uu Dammeetti hime malee, akka haadha manaa Jimaa irratti raawwate adda baasee itti hin himne. Gaaddisaanis Dammeen akka obboleettii Obsee taate hin beeku. Dr Johon badii isaa gocha suukanneessaa raawwataa tureerraa waan barate fakkaata. Gaaddisaaf Dammeen walii galanii mana yaalaa dhuunfaa Dr Johoniif bananiif. Dr Johonis baay'ee gammade. Mana yaalaa dhuunfaa ofii hojjachuu eegale. Dr Johon mana yaalaa dhuunfaa isaatiif nama shan kan isa gargaaru barbaada. Durba lamaaf, dhiira sadii ulaagaa barbaachisuun ogummaa fayyaatiin kan koollejjii ykn yuunivarsitii irraa kan eebbifaman ykn kan sii'oosii milkaa'an qacaruudhaaf beeksisa baase. Intalli Jimaa Ayyaantuun ogummaa fayyaatiin koollejjii irraa eebbifamteetti. Guyyaan jimaata. Ayyaantuun beeksisa hiriyyoota isheerraa dhageettee maatiitti himuuf Sanbata gara biyyaa deemte. Maatiinis dhagahee gammaduudhaan akka isheen deemtee dorgomtu mari'atan. Jimaan intala too hiriyyaa Gaaddisaa jedhamu tokko qaba. Gaddisaa kan jedhamu. Isatti himee, inni si haa dorgomsiisuu jedheen. Ayyaantuun tole waan jette hin fakkaatu. Abbaa koo hiriyyoota qabu faana deemuuf bar jetteen. Jimaanis hayyee jechuun milkaa'i; intala too erga jette jedhee gaggeesse. Ayyaantuun tole jettee hiriyyoota ishee faana gara magaalaa Finfinnee imalte.

Haati Ayyaantuu fayyaa taateetti. Jimaa faana Ayyaantuu gaggeesite. Ayyaantuun barattuu cimtuudha. Qabxii gaariidhaan koollejjii irraa eebbifamte. Isheenis gara Finfinnee hiriyyoota ishee faana imalte. Iddoo beeksifni bahe iyyaafatanii dhaqanii ilaalu. Beeksifni kan bahe mana yaalaa dhuunfaa Dr Johon Jiim dha. Ni dorgoman isaan afur turan. Dubartii Afran keessaa Ayyaantuu qofatu darbe. Gara biraa irraa kan dorgoman kan darbe durba takkaaf dhiira sadi dha. Ayyaantuunis " Yaa waaq waaqa sagaltamman garbaatu" naa dhagahee jechuun yaa waaq galanni keeti jechuun gammaddee waaqaaf galata galchite. Erga dorgomicha darbite booda gara maatii ishee deebite. Maatiin ishees akkam taati laata intalli teenya jechuun Hawwiin eegaa turan. Isheenis galtee itti himte. Maatiin hundi baay'ee gammade. Isheenis hojii eegaluudhaaf yeroo eeggattee qophaa'aa jirti. Haati Ayyaantuu Obseen maatii fuulduratti imimmaan akka roobaa tokko irraan dhangala'e. Jimaaf Ayyaantuun maal taate? jedhaniin kun bar gammachuudha jedhaniin. Obseenis obboleetti kootu ilma koo Jafaariin narraa fageesite, gaaf tokko ima arga jechuun boossi. Isaanis dhiisi gaaf tokko waaqni yoo jedhe arguun keenya hin oolu jedhanii jajjabeessan. Haati Ayyaantuu Obseen intala isheetiif galaa gara, garaa nyaata aadaa Oromoo cuukkoo, marmaree,

dhodhoboofaa naqxeefii gala qopheessiteef. Ayyaantuun maatii biraa gara magaalaa Finfinnee imalte. Naannawa manni yaalaa sun jirutti mana kireeffattee hojii ishee haala gaariin taajajiluu eegalte. Dr Johon Jiim Ayyaantuu hojii ishee argee baay'ee dinqisiifate. Itti dhiyaachu eegale, wal baran. Isheen itti himatte; innis itti himate. Ayyaantuun intala nyaara haadatte osoo hin taane, intala kabajaa qabdu dha. Intala safuu, duudhaa, aadaa ofii cimsitee beektuu dha ykn guddattee dha. Ayyaantuun tan aadaaf adaba beektuu dha. Dr Johon Ayyaantuu dhaaf gaafii jaalalaa dhiyeesseef

Dr Johon: Ayyaantuu jaalalli sirraa na qabeera bar.

Ayyaantuu: Dhugaa keetii jetteen.

Johonis: Eeyyeen dhugaa kooti jedheen.

Ayyaantuu: Ati eessa? Gosti kee maali ?jechuun isa qorachutti gadi teette.

Johon: Eessaa haa fuudhu re cal jechuu murteesse. Johon dura haadha isaa irratti safuu dalage; har'a immoo obboleetti wajjiin dhalate jaalala gaafachuudhaaf yaalaa jira. Johon ammas Ayyaantuu waan dhiise hin fakkaatu. Irra deddebi'aa gaafii jaalalaa dhiyeessaaf.

Ayyaantuun yeroo naaf kenni maatiin kootiin mari’adhaa jechuun hojirraa ishee yeroo baay’ee waan rakkisuuf fala dhabdee gara maatii deebite. Ayyaantuun maatii bira geessee maatii isheetiin akkas jechuun mari’atte. Mucaa tokko tu abbaan mana yaalaa inni johon jedhamu baay’ee na rakkisa. Ani amma iddoo hojii jijjiiruun qaba jettee maatii mariisifte. Maatiinis tasgabbeessuun akkas miti; irra deddebi’ii qoradhu nama gaarii yoo ta’e haa ergatuu ani gosa, laga, abidda, isaa qoradhee sitti heerumsiisa jedhan abbaan. Ayyaantuunis obsumaaf of kennite.

BOQONNAA SAGAL

Guyyaan wiiqxataa waan dalagdu dalagdee darbiteetti. Guyyaan Kibxata ganama. Faanti Dammee ganamaan ishee kaaseera. Dammeen adaadaan Johon ganamaan kaatee, Johon guyyaa kana qorannoo tokkoof Finfinnee irraa gara magaalaa Dirre Dawaa deeme. Dammeenis Johonif Gaaddisaatti otoo hin himin kophaa ishee obboleettii too tan magaalaa Araaxaa jirtu ilaala jettee gara magaalaa Asallaa deemte. Asallaa geettee konkolaataa gara naannawa Araaxaa cufaa imalu yaabbatte. Achi erga geette booda konkolaataa irraa buutee gara manaa ol deemte. Balbala manaa geessee “nooraa akkam jirtu jechaa balbala ol seente. Maatiinis ishee argee nooraa jedhamnaan loon kuma horaa, seenaa jedheen. Dammee ta’uu arganii farda meeqatu si fide jedhaniin. Waan itti aaran fakkaatu. Obseen nagaa gaafattee xinnoo ishee turtee akkas jetteen "Ilmi koo eessatti dhiiftee dhufte jetteen. Dammeenis isa har’a hin mijoofneef guyyaa biraa wal wajjiin dhufna jechuun hamilee itti hortee waadaa galteef. Maatiinis tole jedhe.

Dammeenis: Ayyaantuudhaan akkas jetteen “ Ati barnoota barattee obboleessi kee ka ati wajjiin dhalatte Doktara bar jetteen. Maatiin hundi maal jechuu dha jedhee ajaa’ibsiifate.

Haati gammaduu irraa kan kaate gammachuma keessa hirqiffattee boosse. Yeroo kana Dammeen wanta hunda osoo hin hubatin bilbilli Finfinnee irraa bilbilameef. Hatattamaan akka guca dalagde gara biyya alaa akka ergituuf itti bilbilan kun dhimma jiruuti waan ta'eef Dammeen hatattamaan gara alaa baatee konkolaataa keessa seentee akka carraa konkolaataan magaalaa Haburaa dhufaa jiru gara magaalaa Asallaa otuu deemaa jiru Dammee qabatee itti fufe... Achi erga geette dhimma bilbilameef hunda isaa milkeeffatte fakkaatti. Ayyaantuun guyyaa lama booda isheenis gara Finfinnee deebite. Dr Johon Ayyaantuu deebite argee mari'attee maatii keetiin ? jedhee ishee gaafate. Isheenis maatii kee mariisisi wanta hunda qoradhuu adda baasii, adeemsas bari durba lafaa ka'anii hin fuudhan qorataniiti jedha Oromoon jetteen. Johonis hayyee jechaa burraaqaa galee; adaadaa isaa mariisise. Adaadaan isaas dubbicha inni gurra buuse kana isarraa dhageessee atumti nama san ta'i jetteen. Innis yoon si rakkisuu baadhe ishee waliin wal si agarsiisuu wal isin barsiisaatii jedheen. Johon kiyya dubbiin akkas hin taatu dura Gaaddisaan mari'annaa adeemsas akkasitti. Amma waan maraafuu haa Gaaddisaan dhufuu jetteenii tasgabbeesite. Maatiin Jimaas

Ayyaantuudhaan du'aayii siif goona koottu al tokko jedhanii Ayyaantuu Finfinnee dhaa waaman. Ayyaantuunis gara maatii ishee deemte. Gaaddisaan hojiidhaa dhufee akka nama dallanuu ta'aa akkas jedheen Dammeedhaan. Dhimmi kiyyaaf kee kuni akka aadaa Oromootti sirrii miti. Ati cal jennaan ani haasa'uuf dirqame. Bultii keenya kana seera godhachuu qabna jedheen. Dammeenis maali falli ree? jetteen. Gaaddisaanis ani eessuma obboleessa haadha tiyyaa naannawa Araaxaa jedhamtee waamamtu eessumni koo achi jira. Kanaaf achi siin deemee seera godhanna jedheen. Isheenis tole anis bar obboleettii achii qaba jetteen. Gaaddisaanis dhugaa moo? jedhee obboleettii tam jedhees hin qoranne haa deemnu achumaan gaafatta jedheen. Dammeenis tole achumaan Johonii dhaaf maatiin wal barsiisa jette. Johonis hamileedhaan maatii koo ilaala jedhee hundi isaanii Finfinnee irraa gara magaalaa Asallaa deeman. Akkuma magaalaa Asallaa gahaniin Hoteela Laangaanoo bareedaa tokko isa Baankii Daldala Itiyoopiyaa Damee Cilaaloo gamoo lammaffaa irra jiru sanatti ol seenan laaqana nyaachuudhaaf. Erga laaqana nyaatan booda konkolaataa magaalaa Asallaa irraa gara naannawa Araaxaa deemuu yaabbatan. Isaanis achitti dhiyaatan.

Gaaddisaan Dammeef Johoniin al tokko hiriyyaa wajjii guddadhe nagaa gaafadha jedheen mana warra Jimaa bira gahe. Dammeen maal haasofta sila. Manni kun bar kan obboleettii kooti jetteen innis maal Obsee moo? jedheen. Dammeen eeyyen jetteen. Gaaddisaan dhuguma akkuma maqaa isaati. Nama barates, nama safuu, duudhaa, aadaa ofii cimsee beekuudha. Innis takkaa mana warra Jimaa osoo ol hin seenin dhaabbatee yaade akkas jechuun. **"Amma iccitii Dr Johon akka kalee haadha isa deesse keessaa baase. Anaaf waaqa qofatu beeka. Dammeenis akka nama biraa irraa kalee baase beekti malee, akka haadha isaa irraa baase hin beektu. Kanaaf anis gocha safuu kana kiyyeessuu, icciteessuu, dhoksuu qaba. Ykn yoon hime adaadaan Johoniif Obseen walitti hin fayyan gaarii hin dhufu jechuu isaati.** Jedhee murtii akkana fakkaatu murteesse. Johoniif Dammeen maal taate yaadaan lixxe, yaadaan godaante bar jedhaniin. Koottaa ol seenna jedheen yo'o warra manaa nooraa jedhanii ol seenan. Jimaanis seenaa jedheen. Jimaan Gaaddisaa argee akkam jechuun reebbatee nagaa gaafate. Maal isa qofa Dammeenis hunda isaanii nagaa gaafatte. Amma dabareen kan Dr Johon dha. Obseen yoo ilma isaa Jafaar agartu itti jijjiirame rifattee irratti lafa dhooftee nagaa gaafatte.

Jimaanis maatiin hunda isaa nagaa gaafatan. Hundi isaanii mana ol seenan. Ayyaantuun akka carraa mana ollaa jirti. Ijoolleen dhaqtee waamte Ayyaantuun alaa gara manaa wayta ol seentu Dr Johon agarte. Adaadaa ishee Dammee biratti agartee rifatte. Maal jechuudha kan jettu ajaa'ibsiifatte. Obboleessa akka ta'e tilmaamte. Otuu bira hin dhaqin dhaabbattee ilaalte Obseenis mucayyoo maal taate nagaa hin gaafattuu obboleessa keeti kan ati lakkuu wajjiin dhalatte bar moo ni yaadde sitti jijjiramee jetteen. Ayyaantuun kan ishee saalfachiise wal beeku, kan otoo hin beekin si fuudha jedheen. Isheenis obboleessa koo jettee irratti lafa dhooftee nagaa gaafatte. Johonis baay'ee gadde obboleettii isaa fuudhee oole rabbumatu oolche. Isaan lamaanuu dubbii jirtu iccitii jirtu safuu raawwatamtee oolte icciteessan. Johonis gaafii tokko bakka maatiin hundi jiranitti obboleettii isaa siree gubbaa kan afamu isa (itillee) kan jedhamu san Itillee jechuun akka aadaa Oromootti kabaja guddaa qabdi . Itilleen aadaa kaleeti, aadaa duriiti, uumaa ganamaati, ulfina qabdi. Itilleen sirna fuudhaaf heerumaa keessatti yeroo adeemsifamtu qabdi. Fkn gurbaan tokko intala takka fuudhee wayta galuun, jaaltittiin itillee gubbaa teessee, itillee san gubbaa garbuuf marga jiidhaa gubbaa kaa'an.

Erga kaa'an booda jaaltittiin gubbaa teessi. Idaayyaan ykn tan fuudhaanii galaniin sun jaaltittiitti hirkatti. Kun aadaa oromtichaati. Itilleen ummata Oromoo biratti hin darbamtu. Gatanii saree, allaattii hin nyaachisan. Kunuunsanii ol kaa'u. Miidhagsanii itti fayyadamu. Johonis: **What is this kuni maali**? jechuun gaafate. Isa gogaa loonii irraa tolfamu san dha. inni waan itillee jedhamuu kana hin beeku. Nyaatas nyaachaa jira. Daadhiis dhugaa jira. Ayyaantuunis qoosaas dandeetti waan ta'eef akkas jetteen "**Facaaftee argatta biyya keenyatti firiillee, ka daadhii ittiin dhugan sun immoo birillee jedhama. Hojjatanii argatu qarshiillee, maal qarshii qofa re puuppaanis maqaan ishee killee bar. Amma tana irraa nyaadhuu fixi tiriillee, nyaata erga xumuurte booda gara gaafii ati na gafaattetti yoo deebine (This is itillee ima beektaa durillee irra ciisi ammalle.** Jetteen" Johonis baay'ee ajaa'ibsiifate. Maatiinis wayta kana kolfaan ciccitan. Johonis edaa maatii akkanaa qabaa jedhee mararfate. Akkas jechuun ibsate yaada sammuu isaa keessa balaliisaa, "Na fayyada jedhee aadaa ormaa dhaale. Way aadaa biyya ormaa, way jiruu biyya ormaa, otuu gocha safuu uummata koo irratti yeroo dheeraaf hojjadhu jiraadhe. Saba irraa dhaladhe aadaa isaa xureesee, busheesse.

Duudhaa hawaasa kootii dabse. Dogongora hojjadhe hawaasa akkanatti safuu, duudhaa, aadaa, sonaan bulu irraa dhaladhee gocha salphinaatti nam'e. Yaa waaq!! dhiifama si gaafadhe ati nama jalaa dhageetta dhiifama naaf godhi jedhee waaqa kadhate. Amma dabareen kan Gaaddisaati. Oromoo yoo mammaaku akkas jedha." **Dhagaa tokkoon sinbira lama"** jedha. Maarree Gaaddisaan eessuma qabutti maatii warra Jimaa gaafachu dhufee asumaan eessuma isaa biratti Dammee akka butiitti eessuma birattiin galate. Maarree seeraas godhatee jiruu isaanii haala miidhagaan itti fufan... Johon maatii isaa hunda naannawa Araaxaa jedhamtuu baasee gara Finfinnee galche. Jimaanis maqaa isa kana hin jaalanne fakkaata. Isa Johon ture "Guutaa" jedhee moggaaseef. Johonis maqaa mogga'eef kana fudhate. Guutaan maatii isaatiif Finfinnee tti mana ijaareef. Abbaan Guutaa ykn Jimaan Guutaatti ykn Dr Johonitti intala safuu, duudhaa, aadaa beektu adaba qabdu, qoratee seera godheefii gaa'ilas raawwateefii itti fuudhe. Dr Guutaan intala abbaan isaa filateefii itti fuudhee tana kabajaan jiruu isaa intala fuudhe wajjiin jireenya itti fufe...

Barsiisaan Seefaa Usmaan jedhamu kan Ayyaantuu kutaa 11 gosa barnoota keemistirii barsiisaa ture, kan jaalala Ayyaantuutiin yeroo dheeraaf miidhamaa ture. Maarree gaaf tokko barsiisaan Seefaan dhukkubbiin itti hammaannaan mana yaalaa dhuunfaa Dr Johon dhaqe. Barsiisichis Finfinnee naannawa sana bira waan jiraatuuf. Mana yaalaa ol seene. Ayyaantuun guyyaa kana isheetu mana yaalaa dalaga. Barsiisaan kun dargaggeessa miidhagaadha. Ayyaantuun argitee akka nama rifatuu taatee, eessatti beeka laata nama kana isheef haaraa miti ni irraanfatte. Seefaanis ishee argee jennaan baay'ee rifate. Raajiidha!! Tun Ayyaantuudha moo ? Ayyaantuun yeroo san barnoota keessaa baateetti bar jedhaa ajaa'ibsiifataa of gaafata.

Ayyaantuu: Taa'i jetteen.

Seefaa: Hayyee jedhe.

Ayyaantuu: Eessatti si beeka sin irraanfadhe jetteen.

Seefaa: Siin barsiisee, ati Ayyaantuudhaa mii? jedheen.

Ayyaantuu: : Eeyyeen Ayyaantuudha. Amma si beeke barsiisaa koo keemistirii tii mitii jetteen.

Seefaa: Eeyyeen jedheen. Seefaanis sodaachaatuma akka ishee jaalatu itti hime.

Ayyaantuu: Kanuma natti himuu dhufte moo maaliif? jettee gaafatte.

Seefaa: Akka ati as hojjattu hin beekne, akka ati barnootaa baratte hin beeku. Sirrimatti dhukkubni natti hammaannaan ijibbaata mana yaalaa dhuunfaa keessan kana dhufe jedheen. Manni yaalaa ani dhaqu hundi qorsa dhukkuba kootii beekuu dadhaban. Ijibbaata mana yaalaa dhuunfaa Dr Johon kana dhufe yoo fala argadhe jedheen. Ayyaantuunis yeroo barattu san numa jaalatti garuu jaalalli ishee kaayyoo ishee injifachuu hin dandeenye. Amma isheenis akka jaalattu itti himte. Seefaanis gammadee innis akka jaalatu itti hime. Ayyaantuunis akka inni horra isheetti maanguddoo biyyaa ergatu itti himte. Seefaanis maanguddoota biyyaa ergate. Abbaan Ayyaantuu Jimaan gosa mucaa, abidda mucaa, horra mucaa, qoratee, qorachiisee intalaa isaatiif heerumsiise. Obseenis mucaa ishee yeroo dheeraaf arguuf dheebochaa turte har'a mucaa ishee argiteetti. Hawwiin ishee dhugoomeef fakkaata. Dr Johon kalee akka haadha isaa keessaa baase hin beeku.

Maatiinis Dr Johon akka kalee haadha isaa keessaa baase hin beekan. Iccitii kana Gaddisaa qofatu beeka. Gaaddisaanis iccitii kana icciteesseera. Inni lammataa iccitiin Dr Johon fi Obboleettii isaa Ayyaantuu gidduu isaanii jiru isaan qofa malee maatiin hin beeku. Gochi safuus kiyyeefameera.

Xumuurameera!!!!!!!